XIINXALAMOGGAASAA FI AF SEENAAWWAN TEESSUMA LAFA AANAA SABBATAA HAWAAS IRRATT KAN XIYYEEFFATE

YIRGADUU INDAALAA SAFARAA

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG- BARRUUFI FOOKLOORII.

HAAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

XIINXALA MOGGAASAAFI AF SEENAAWWAN TEESSUMA

LAFA AANAA SABBATAA HAAWAAS

MAQAA – YIRGADUU INDAALAA

GORSAA- XILAAHUN TALIILAA (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OG BARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF ,MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOG BARRUUFI FOOKLOORITIIF DHIYAATE

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG- BARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

Yuuniversiitii Addis Ababaa

Daabbata Diigrii Duraatiin Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa(MA) Afaan Oromoofi Og barruu barsiisuun guuttachuufi Yirgaduu Indaalaa,Mata dureen Xiinxala Moggaasa Maqaafi Teessuma Lafa Aanaa Sabbataa Hawaasrratti kan xiyyeeffatame qophaa'ee ulaagaa yuunivarsitiin kaa'e guutera.

Koree Qormaata

Qoraa Alaa ----------Mallattoo----------Guyyaa----------

Qoraa keessaa----------Mallattoo----------Guyyaa----------

Gorsaa ----------Mallattoo----------Guyyaa----------

Itti gaafatamaa Mummee ykn Qindeessaa sagantaaDigirii Lammaff(MA)

AXEREERAA

Kaayyoon qorannoo kanaa Xiinxala mogaasaafi af seenaawwan teessuma lafa aanaa sabbataa hawaas akkamiin akka gaggeeffamuu qaacceessuu dha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas maalummaa maqaa, moggaasa maqaa, faayidaafi bu'uura moggaasaa,Iddoowwan sirnaa, akkasumas dhibbaa sirnoota darbaniinirra gahe hubachuu dha. Haaluma kanaan xiinxala moggaasa maqaa kanaaf mallii qu'attuun itti gargaaramte mala akkamtaa ti. Mala kanaan odeeffannoo madda raga duraafi madda raga lammaffaarraa argaman kan kaayyoo qorannichaa galmaan gahu jedhamanii funaanamaniin wal simsiisun itti gargaaramteetti. Moggaasnii maqaa kun maal irratti hundaa'un akka moggaafame manguddootaa fi beektootarraa gaafachuun ibsameera. Akkasumas qabiyyeen gurguddoo qo'attuun irratti hundoofte maalummaa maqaa, maalummaa moggaasa maqaafi af seena maqaa, bu'uura moggaasa maqaa iddoowwanii,moggaasa maqaa kana keessatti eenyuu fa'aa akka qooda qaban, bu'uura moggaasa maqaa dhibbaa sirnoota darbaniifi bu'uura moggaasa maqaa iddoowwan haala qilleensa, teessuma lafaafi wantoota naannoo sanatti baay'naan argaman bu'uura godhachuun moggaafamanifi iddoowwan sirnaa kan ibsu dha. Walumaa galatti Oromoon aanaa kanaa moggaasa maqaa lafa irra jiraatuu yeroo taasiifatu afoolaafi afaan isaati gargaarameeti.Afoollis afaanirra taa'etu labata itti aanuutti ce'a.Afaaniin waa'ee Uummataa, waan Uummannii walliin qooddatu, aadaa, amantaa, siyaasa, diinagdee, guddina, qaromina, afaan, safuufi dudhaaof keessatti hammata.Afoolatti gargaaramuun wantii hin ibsamne hin jiru.Akkaataa jiruufi jireenya Uummata Oromoo yoo dubbannuu.Uummannii Oromoo afoola isaattiin quqaa, hawwii, yaadasaa ittin ibsataa tureera. Haata,u malee yeroo dhiyoo as moggaasnii maqaa lafa aanichaa durii fi ammaa maal fakkaata kan jedhuurratti hanga tokko ilaaluufi moggaasa maqaa iddoowwan kan durii wantoota irratti hundaa'u maqaa namaa, gosaa, haala qilleensaa, wantoota naannoo sanatti baayyinaan argaman irratti hundaa'uun moggaafatee kun hafuun yeroo ammaa maqaa kan biiroo moggaassun aadaa fi duudhaa moggaasa maqaa kan isaa dagate kan biroo dhaalaa jiraachuun isaa hubatameera. Kanaafuu maqaan dur moggaafamee sun uummatichaaf kuusaa beekumsa gadii fagoo, ibsiituu eenyummaafi calaqistuu aadaa kan jecha ykn gaalee ittiin waamuu sana biira ce'ee deemu dha jechuun ni danda'ama.

Galata

Hunda dura egumsa isaa naa godhee isa hardhaan nagahe waaqayyoof galannii koo guddaa dha. Itti aansuun, haala qorannoon kun itti gaggeeffamuu kan karraarra nabuusaa akkan qorannoo kana galmaan gahuuf kan na gorsan, Xilaahun Talliilaa (PHD) baay'een galateeffadha. Akkasumas obbooleessa koo Tashoomaa Indaalaa nuffii malee karaa hedduun nagargaaraa turee fi maatifi hiriyoota koo yaadaan na jajjabeessan akkasumas manguddoota oromoo fi beektoota ragaa naa keennuu irratti hirmaatan hunda baay'een galateeffadha.

Baafata

Qabiyyee Fuula

Axereeraa i

Galata ii

Baafata iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1

1.1.Ka'uumsa Qorannichaa 4

1.2.Gaaffilee Bu'uraa Qorannichaa 5

1.3. Kaayyoo Qorannichaa 5

1.3.1.Kaayyoo Gooroo 5

1.3.2.Kaayyoo Gooree 5

1.5.Daangaa Qorannichaa 8

1.6. Hanqina Qorannichaa 9

1.7.Haala Walii Galaa Aanaa Sabbataa Hawaas 10

1.8. Hidda latiinsa Oromoo Aanaa Sabbataa Hawaas 13

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU 15

2.1. Yaadrimee Fookloorii 15

2.1.1. Maalummaa moggaasaa 15

2.1.2. Moggaasa Maqaa fi Aadaa 16

2.1.3.Faayidaa Moggaasa Maqaa fi Af-Seenaa 17

2.1.4. Moggaasaa fi Af-Seenaa 18

2.1.5.Bu'ura Moggaasa Maqaa Iddoowwanii 19

2.1.5.1. Maqaalee Iddoowwan Maqaa(Sanyi) Namaa Bu'ura Godhachuun Moggaafaman 19

2.1.5.2.Maqaalee Iddoowwanii Haala Qilleensaa,Teessuuma Lafaa fi Wantoota Naannoo Sanattii Baay'inaan Argaman Bu'ura Godhachuun Moggaafaman..... 19
2. 1.5.3.Maqaalee Iddoowwanii Taateewwan Bu'uura Godhachuun Moggaafaman.20
2.1.5.4. Dhibbaa Sirnoonni Darban Moggaasa Maqaa Iddoowwanii Irratti Geesiisan20
2.1.5.5. Moggaasa Maqaafi Af seena Iddoowwan Sirnaa (Kabajaa)..... 20
2.2. Yaaxinaalee Fookloorii (Theories of Folklore)..... 21
2.2.1.Yaaxina Walakkeessaa (Hemispheric Theory)..... 21
2.2.2.Yaaxina Irra Deebi'anii Ijaaruu (Historical-Reconstructional)..... 22
2.2.3.Yaaxina Aadaa Hawaasaa (Folk-cultural Theory) 22
2.3 Sakatta'a Barruu Walfakkii..... 23
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA..... 25
3.1. Saxaxa Qorannichaa..... 26
3.2. Tooftaa Iddatteessuu 26
3.3.Irraawwatama Qorannichaa..... 28
3.4. Madda Ragaa..... 28
3.5. Toftaalee Funaansa Ragaa..... 28
3.5.1. Af Gaaffii..... 28
3.5. 2 Marii Garee Xiyyeeffannoo..... 29
3.5.3 Sakkatta'a Dokmantii 29
3.6. Adeemsa Funaansa Ragaa..... 30
3.6.1. Haala Ragaan Itti Funaanamu..... 30
3.6.2. Akkaataa Hirmaattonni Rgaa Itti Keennan..... 30
3.6.3. Haala Qaacceessa Ragaalee..... 30
3.7. Haala Amanamuummaa Qorannichaa..... 30

3.8. Qindoomina Qorannichaa 31

BOQONNAA AFUR : XIINXALA RAGAALEE 32

4.1. Haala Moggaasaafi Af Seenaawwan Teessuma Lafa Aanaa Sabbataa Hawaas Ilaalchise. 32

4.2. Bu'ura Moggaasa Maqaa Iddowwanii fi Af Seena Isaanii Ilaalchisee 35

4.2.1.Moggaasa Maqaa Iddoowwanii Maqaa(sanyii) Namaa Bu'ura Godhachuun Moggaafaman. 35

4.2.2.Moggaasa Maqaa Haala Qilleensaafi Teessuma Lafaa Bu'ura Godhachuun Moggaafaman. 37

4.2.3.Maqaalee Iddowwan wantoota Naannoo Sanatti Baay'inaan Biqilanii fi Argaman Bu'ureefachuun Moggaafaman. 39

4.2.4. Moggaasa Maqaa Taateewwan,Teessuma Lafaa fi Af Seena Ilaalchise. 41

4.3.Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaa Iddoowwanii 46

4.4.Moggaasa Maqaa Iddowwan Durii fi Ammaa Ilaalchise 46

4.4.1. Iddoowwan Durifi Ammaa Sabbataa Ilaalchise. 48

4.5.Dhiibbaa Siyaasni Sirna Minilikii Kaasee Moggaasa Maqaa IddoowwaniiIrratti Geessisan. 48

4.6. Moggaasa Maqaafi Af Seenawwan Iddoowwan Sirnaa/ Kabajaa 50

5.2 Goolaba 58

5.3 Yaboo 59

WABIILEE 61

Dabalee - A

Dabalee - B

Dabalee - C

Dabalee -D

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Uummanni Oromoo jireenya haawaasummaa isaa keessatti namootaaf, iddoowwan irra jiraatuu adda addaafi wantoota biro naannoo isaa jiiraniif maqaa moggaasuun iddoowwaniifi wantoota waama.kunis maqaa tokko kan biroorraa adda baasuun beekuuf isa tajaajila.

Haaluma kanaan iddoowwan irrajiraatuuf,waan haaraa kalaqeef,kan fooyyeessee baaseefi kan uumamnii badhaasteen maqaa moggaasee ittiin waama.Maqaan moggaafamee kunis kan wantii sun hawaasa moggaasee san keessatti ittin waamamuuf beekamu ta'a.

Moggaasa maqaa kana ilaalchisee yoo achii dhuftefi jalqabbiisaa haasofnu waa'ee jalqabbii afaanii haasa'uu keenya ta'a.kunis moggaasa maqaaf afaan gargarbaasanii ilaalun waan hin danda'amneefi dha.yaada kana ilaalchisee Smith (1969:168) yoo ibsu, " *Names undoutely originated during the very earliest beginning of the birth of language" jechuun kaa'a.*

Haaluma kanaan afaan akkamittin jalqabame yaada jedhuuf addunyaarra falaasama gurguddo lamatu jiru isaannis:Kan gama falaasama amantaafi falaasama saayinsiin jiranii dha.Falaasamnii amantaa afaan waaqatuu uumee kan jedhu yoo ta'u,Falaasamnii saayinsii immoo lakkii namatuu jiruufi jireenya isaa keessattii raawwii guyyaa guyyaan raawwaturraa ka'e uummatte kan jedhuu dha.Yaadoolii gurguddoo lameen kanarraa ka'un hayyoonnii garagaraa yaada isaanii ibsu.

Moggaasnii maqaa aadaa fi duudhaa hawaasa tokko waliin wal qabataa akka ta'e barsiisonni tokko tokko ni ibsu. Yaada kanarratti Marsan (2008:15) yoo ibsu, "*mogaasni maqaa aadaa sabaa keessaa isa tokko yoo ta'u hiiknii maqaa moggaasame kunis hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti qofa*," jedha. Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu hawaasnii wanta tokkof,iddoo tokkof yeroo maqaa moggaasu ka'umsa yookaan sababa mataa isaa qaba jechuu dha.Maqaan moggaafamu tokko hiika kan argatu aadaa hawaasa moggaasnii itti kename keessatti qofa akka ta'e hubanna.Kana jechuun haallii moggaasa maqaa aadaa fi duudhaa ykn amantii hawaasa waliin hidhata ni qabaata.Hawaasni tokko iddoofi wanta biroo tokkof yoo maqaa baasuu

aadaa isaa bifa ibsuufi dabarsuu danda'uun moggaasa.Kana ilaalchisuun, Hanka &Hudges (1995:vii) yoo ibsan*," Aperson's name is abadge of cultural identity.The name that people bear are determind in large part by the culture of that they belongs to,"* jedhu. Yaada kanarra akkuma hubachuun danda'amu maqaan mallattoo eenyummaa akka ta'e hubanna.

Gama biroon yoo ilaallu aadaan immoo mul'istuu eenymmaa saba tokko waan ta'ef maqaan mallattoo eenymmaa hawaasaa ta'u isaa hubatamuu ni danda'a.Maqaan moggaafamuus aadaasaba sanaan akka murtaa'u nutti agarsiisa.Akkuma olitti ibsame Oromoon akkuma hawaasa addunyaarra jiraatu biro iddoowwan jireenyasaaf maqaa moggaasee ittiin waama.Haala kanaan Oromoon achii as dhufaasaa iddoowwan irra jiraatuuf wantoota uumamaan jiranii fi haaraa kalaqeef maqaa keenneefi ittin waama.

Addunyaa kanarra hawaasni jiraatu afaan adda addaa kan dubbatuufi aadaa, duudhaafi haala jireenyaa gara garaa kan qabu yoo ta'u akka aadaafi duudhaasaatti, namootaaf ,iddoowwanii fi wantoota biroof maqaa moggaasee ittin waama.yaada kana ilaalchisee Stewart (1967:4) yoo ibsu "…*tribe speaking different languages and thinking different thought.According to their way of speech andthought they gave name."*yaada barreessaa kanaarraa akkahubatamutti,qomoon afaan adda addaa dubbatu karaa adda addaa yaada.Innis akkaataa dubbii fi yaada isaatti maqaa baasee akka itti fayyadamu agarsiisa.Moggaasa maqaa kana irratti yoomii fi haala kamiin moggaasnii maqaa akka jalqabame adda baasuun rakkisaa akka ta'e namoonnii adda addaa ni himuu.kana ilaalchisee Crystal (1989:290) akkas jechuun kaa'a *" We have no direct knowledge of the origin and early development of language and name as well or it is easy to imagine how such knowledge is abtained."* Yaada barreeffama kanaarraa akkuma hubachuun danda'amu, haala jalqabbii afaaniifi moggaassa maqaa ilaalchisee yoom akka egalame adda baasuun rakkisaa ta'u agarsiisa. Kun immoo, jalqabbiin afaan dhala namaafi moggaasni maqaa yeroo dheeraa kantureefi walittii dhufeenya qabaachuu isaanii hubachuun ni danda'ama. Gosni beekumsaa kamuu ni moggaafama. Kanaafis fakkeenya jecha "folklore" jedhu jechoota lama walitti hidhee kan moggaase namicha William JohanThomsjedhamu.''Folk"fi"Lore"jedhaman."Folk" jechuun garee, murna, gosa, hawaasa,namoota karaa adda addaa walittii dhufanfi akkaataa jireenyaan walfakkaatan

jechuu dha.”Lore” jechuu beekumsa dandeetti, qaroomina, ogummaa, keennaaa aadaa, muuxannoo, aartii, yaada sammuufi k.k.f jechuu dha. Jechoonii kun lamaan yeroo walitti dhufan hiika akkanaa qabaachu danda’u, Beekumsa, dandeetti, ogummaa, kennaa aadaa, qaroomina uummataa, hawaasa, garee, gosa,yookaan murna tokkoti.

Fooklooriin yaada bal’aa ofkeessatti hammata.Karaa tokko miidhagina ogbarruu gochoota gareen tokko raawwatu jala dhokatee argama. Kan argamuufi dhaga’amu qofa osoo hin taane yaada sammuu ilmoo namaa keessaas ni dabalata .Kunis jalqabbin moggaasa maqaa umrii afaan dhala namaa wajjiin kan wal qabatuufi dheeriina umriisaarraa kan ka’e haalli jalqabbii moggaasa maqaa maal akka fakkaatu adda baasanii kaa’uun rakkisaa akka ta’e ni mul’isa.

Moggaasa maqaa fi maalummaa hiika maqaarratti beektoonnii adda addaa yaada gara garaa yeroo keennan ni mul’ata.Kanuumarraa ka’uun Addunyaan (2010:117) akka itti anuutti ibsa.*“Maqaan moggaasa namaafiwantootaati jechuun gahaadha*.”Jechuun ibseera. Yaada kanarraa hubachuun kan danda’amuu maqaan moggaasa namaafi wantootaaf keennamuu ta’uu isaa hubanna.Haaluma kanaan maqaan moggaafameesun namaafi iddoon ykn wantoonnii biro hawaasicha biratti adda bahaniittin waamamuuf tajaajila.Moggaasnii maqaa kun aadaa fi duudhaa hawaasa tokko waliin walqabataa akka ta’e hayyoonnii adda addaa akka ibsan ilaallee jira.Maqaan moggaafamus aadaasaba sanaan akka murtaa’u nutti agarsiisa.Akkuma olittii ibsame Oromoon akkuma hawaasa addunyaa irra jiraatu biroo iddoowwaniif maqaa moggaase ittin waama.Haala kanaan Oromoon achii as dhufaasaa iddoowwan irra jiraatuuf wantoota uumamaan jiranii fi haaraa kalaqeef maqaa keenneefi yoo ittin waamuu sababa mataasaa qaba jechuu dha.

Walumaa galattii Oromoon yeroo namaafi iddoowwaniif maqaa moggaasuu cal jedhee hin moggaasuu wantoota adda addaarratti xiyyeefata.Fakkeenya maqaa namaa, haala teessuma lafaa sana,mudannoo bakka sanatti ta’e, haala qilleensa naannoo sanaa, wantoota naannoo sanattii baay’inaan biqiilan, mukkeenii fi wantoota kanneen fakkaatan irratti hundaa’un moggaasa. Haaluma kanarraa ka’un qorannoo kana keessatti akkaataa moggaasa maqaa iddoowwanii ilaalchisee, Aadaa Oromoo keessatti akkaataa moggaasaafi af seena lafaa ykn iddoowwanii haala qabatama Godina Shawaa Kibba lixaa Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti maal akka fakkaatuu yoo ilaallu yeroo ammaa

waan baay'ee namatti dhagahamuu keessaa moggaasa maqaa iddoowwan dur uummannii Oromoo naannoo kanaaa akka isaa ta'utti kan afaan, aadaafi duudhaa isaa ibsuu moggaafate qabuu dhisee kan afaan ambaan bakka bufame yeroo tajaajiilaaf oluu arguun baay'ee namatti dhagahama. Kanarraa ka'uun qorattuun quuqaa keessa ishee ibsuuf mata duree kana filattee qaacceessite dhiyeesstee jirti.

1.1.Ka'uumsa Qorannichaa

Aadaa Oromoo keessatti moggaasnii maqaa iddoowwanii yeroo taasifamu calluma jedhee afaanitti dhufeedhaaf Oromoon iddoowwan irra jiraatuuf maqaa hin moggaasu.Sababa mataasaa qaba. kunis tessuma lafasaaraa, haala qilleensaarraa, biqiloota naannoo sanatti biqiluu danda'aniifi mudannoo ykn taateewwan bakkasanatti ta'an irraa ka'uun maqaa bakka sanaa moggaasa. Haallii moggaasichaa kana ofkeessatti hammate ta'e hojiirra oolaa tureera. Haata'u malee yeroo booda garuu dhibbaa sirnoota adda addaarraa kan ka'ee seenaa moggaasa maqaa isaa duriifi tajaajiila hawaasichaa keennaa turee dhabaa dhufee jira.

Kanarraa ka'uun qorattuun kun moggaasa maqaa aadaafi duudhaa Oromoo kana akkaataa kamiin raawwachaa akka tureefi yeroo ammaa haala hojiira olaa jiiru adda baasuun lafa kaa'uun aadaafi duudhaa boonsaa hawaasnii kun gara moggaasa maqaa iddoowwanii qabu dhaloota itti aanutti akka darbu taasisufi.

Haala moggaasaafi af seena teessuma lafaa Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Sabbataa Hawaas Sirna Minilikii kaasee yoo ilaallu,aadaa,duudhaafi safuu Oromoon dur maqaa iddoowwanii moggaasu guutummaan kan hordofe miti.Xiinxala moggaasa maqaakanneenii ilaalchisees,akka aanichaatti wantii qaaceefamee taa'ee hin jiru.kanas qorattun gaggaafateetu jirti.kanarraa ka'uun ka'umsii qorannoo kanaa inni bu'uraa:

- Haalli moggaasa maqaafi afseenawwan teessuma lafa Aanaa Sabbataa Hawaas,akkamiin akka raawwachaa tureefi maal akka fakkaatu adda bahanii qaacceefamuu dhabuu.
- Jaarisooliin ragaa ta'an waa'ee aadaafi duudhaa durii beekaniifi dhibbaan moggaasa maqaa kanarra ture maal akka fakkaatu yaadatan yeroo jiran kanatti otoo bal'inaan qoratamee ifatti bahee gaarii dha.

- Dhibbaan sirnoota darbaniin yookiin Sirna Minilikii as moggaasa maqaa aanichaa irratti geessisan ifatti bahuudhabuu fa'i.

1.2.Gaaffilee Bu'uraa Qorannichaa

- Haala moggaasa maqaa fi teessuma lafa Aanaa Sabbata irratti af seenni maal jedha?
- Aadaa Oromoo Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti moggaasnii maqaa iddoowwanii maal maal bu'ureeffataa ?
- Akka Aanichaatti moggaasa maqaa iddoowwani keessatti eenyuu fa'aatuu hirmaachuu danda'aa?
- Moggaasa maqaa iddoowwan durii fi ammaa Aanaa Sabbataa Hawaas maal fakkaata?
- Dhibbaan Siyaasaa Sirna Minilkii kaasee moggaasa maqaa iddoowwanii Aanichaaratti fiidanmaali?
- Moggaasa maqaa fi af seenawwan iddoowwan kabajaa Aanaa Sabbataa Hawaas maal fakkaata?

1.3.Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon Kun kaayyoo gooroofi kaayyoowwan gooree armaan gadii ni qabaata.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qoorannoo kanaa: Moggaasaafi af seenaawwan teessuma lafa Aanaa Sabbataa Hawaas qaacceessuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Haala moggaasaafi Af seenawwan teessuma lafa aanaa sabbataa hawaas sakatta'un ifa gochuu.
- Moggaasa maqaa lafa aanaa sabbataa hawaas maal bu'ureeffachuun akka moggaafamaa ture adda baasu.
- Moggaasa maqaa kana keessatti eenyuu fa'aa akka qooda qaban ibsuu.
- Haala moggaasa maqaa lafa aanaa sabbataa hawaas kan durifi ammaa sakatta'un ifa gochu.
- Dhibbaan siyaasaa moggaasa maqaa lafa aanichaarratti fidaa turan sakatta'un ifatti baasu.
- Moggaasa maqaafi af seenawwan lafa sirnaa/kabajaa/sakatta'un ifatti baas.

1.4.Faayidaa Qorannichaa

Uummata Oromoo biratti moggaasnii maqaa iddoowwan irra jiraatuu seenaa mataasaa qaba. Uummata Oromoon maqaan bahuu kunis aadaa, duudhaafi safuu hawaasichaa bifa calaqisiisu danda'un raawwata. Haaluma kanaan hawaasnii durii yeroo bakkeewwan kanaaf maqaa moggaasuu sababa mataasaa waan qabuuf dhaloonni ammaas moggaasa kana beekuufi kunuunsuun barbaachisaadha. Oromoon bakkeewwaniif yeroo maqaa moggaasuu teessuuma lafaarraa, haala qilleensaarraa, mudannoo bakka sanaarraafi wantoota naannoo sanatti argaman ykn biqilan bu'ura godhachuun akka ta'e ni beekama. Kanaafuu, aadaa Oromoo keessatti haalli moggaasa maqaa bakkeewwanii akkamittin akka raawwachaa tureefi yeroo ammaas maal akka fakkaatu adda baasuun murteessaa dha. Akkaataa kanaan haallii moggaasaafi af seenaawwan teessuma lafa aanaa sabbataa hawaas keessa jiran maal akka fakkaatan xinxaluu gaafata. Kuniis yeroo ammaan kana gandoota naannawa finfinnee jiran keessaa tokko sabbata waan taateef gandoonnii naannawa finfinnee jala jiran hundii isaanii yeroo ammaan kanaa moggaasaafi bifa duraan qaban sana dhabaafi jijjiramaa jiraachuun isaanii ni beekama. Kun immoo seenaa durii sana waan dhabamsiisaa deemuufi yeroo ammaa kana moggaasnii maqaalee seenaa qabeeyyii durii sun jijjiiramaa waan jiraniif gara fuuladuraatti maaltuu ta'aa deema kan jedhuu baay'ee waan nama yaaddeessu dha.

Dhaloonni amma jiru kun kana hubachuun seenaa moggaasa maqaa iddoowwan kana beekuu qaba. Kana ta'uu baannaan akkaataan moggaasa maqaa iddoowwan yeroo amma aanaa sabbataa keessa jiruyoo ilaallu aadaafi duudhaa akkasumas seenaa hawaasni Oromoo qabuakka gadhiisaa jiru nutti agarsiisa. Keessumaa yeroo ammaa naannoo warshaaleen adda addaa dhaabbatanii jiran haalli moggaasa maqaa durii akkuma jirutti jijjiiramuun maqaan iddoowwan sanaas maqaa warshichaa moggaafachaa jira. Kun immoo olee bulee balaan isaa akka hamaa ta'e wal nama hin gaafachisuu. Akkaataan moggaasa maqaa iddowwan gara garaa yeroo ammaa aanaa sabbataa keessa jiru yoo ilaallu aadaafi duudhaa hawaasnii Oromoo qabu akka gadhisaa jiru nu agarsiisa. keessumaa naannoo magaalaatti haalli moggaasa maqaa itti raawwachaa jiru aadaa moggaasa maqaa hawaasichaa kan bu'ureefatee ta'e hin argamu. Kanaafuu, aadaa boonsaafi kabajamaa hawaasichi uummatee kaa'ee ture kana kunuunsuun tuursiisuufi

lubbuu horatee akka labata itti aanu bira ga'uufi cimee akka hundee godhatuu dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'eera.

Aadaan moggaasa maqaafi af seennii hawaasaa immoo guddina afaanii keessatti shoora guddaa akka qabu barreessitoonni tokko tokko ni ibsu.Kunis, afaan immoo ibsituu eenyummaa saba tokko akka ta'e mul'isa.kana ilaalchisuun Brown.(2006:486) yoo ibsu."*Name is obviousiy pleces of language.Name is deeper aspect of your identity.both for your self and others*."jechuun ibsa.Kunis, maqaan qaama xiqqaa afaanii ta'ee,eenyummaa gadi fagoo namaa mul'isuuf kan gargaaru ta'uu yaada kanarraa hubachuun ni danda'ama.Haala kanaanis namnii maqaa moggaasu keessatti eergaa barbaadu ykn waan yaadasaakeessa jiru moggaasa maqaa iddoowwanii keessatti calaqisiisuu akka danda'u ni hubatama.kana hubachuun dhaloonni amma jiruu kun moggaasnii maqaa iddoowwan durii akka hin jijjiramnefi af seena irratti hojechuu qaba.

Walumaa galatti barbaachisummaan qorannoo kanaa innii bu'uraa:

- Namni waraqaa kana dubbisu haalli moggaasa maqaafi af seenawwan teessuma lafa Aanaa Sabbataa Hawaas maal akka fakkaatu hubachuuf akka gargaaruuf.
- Aadaa hawaasichi karaa moggaasa maqaa iddoowwan sirnaa irratti qabu dhaloota haaraa hubachisuun aadaafi duudhaa itti fufsiisuufi tursiisuuf akka gargaaru.
- Waajirrii aadaafi turizimii aanichaa,akkaataan moggaasa maqaa iddoowwan aadaa Oromoo keessaa maal akka fakkaachaa ture adda baasuun aadicha tursiisufi dhalootatti dabarsuuf hubannoo dhaloonni ammaa qabu cimsufi hojii raawwatanirratti akka ka'umsaatti itti gargaaramuu danda'u.
- Dhibbaa moggaasa maqaarratti sirnoota darbaniin raawwatame gabaabbinaan mul'isa.
- Haala moggaasa maqaafi af seenawwan iddoowwan sirnaa gabaabbinaan mul'isu.
- Gara fuula duraatti namoota mata duree kanaan walitti dhufeenya qabanirratti qorannoo gaggeessu barbaadaniif akka ka'umsaa fi madda odeeffannootti tajaajiiluu danda'a.

1.5.Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun akkaataa moggaasaafi af seena lafa Aanaa Sabbataa Hawaas xinxaluurrattii kan xiyyeeffatuu dha.Ka'umsiifi akkaataan moggaasa maqaa iddoowwan akkamittin akka raawwachaa turee fi yeroo ammaa maal akka fakkaatuu ifatti baasuufi.

Oromoon namaa, iddoowwaniifi wantoota biroof maqaa moggaasee ittin waama. Maqaan namaaf ykn iddoowwanif keennamuu kun,kan namnii sun ykn iddoon sun kanneen biro irraa adda bahee ittin beekamu ta'a.Oromoon yeroo maqaa kana moggaasuu waan ka'umsa godhatuu sababa mataa isaa qaba. Keessaayyu lafairrajiraatuuf yeroo maqaa moggaasuu sanyii namaa, mudannoo iddoo sanaa, maqaa namaa, biqilootaa, haala qilleensaafi kanneen kana fakkaatan bu'ureefachuun maqaa moggaasee ittin waama. Haalli kunis aadaa isaakeessatti jiruufi jireenyasaa, mudannoosaa, abdiisaa, hawwiisaafi haala naannoosaas ittin mul'isa.

Kanarraa ka'un barreefama kana keessatti akkaataa uummanni Oromoo iddoo ykn lafa irra jiraatuf maqaa itti moggaasu akka ilaalamuu ta'eera. Akkasuumas moggaasnii maqaafi af seennii kun maal akka fakkaatuufi maal irratti akka xiyyeeffatamu qaacceessitee mul'isuu waan barbaaddeef yoo ta'u, sababiin isaas akkaataa moggaasa maqaa iddoowwanii ilaalchisee Oromiyaa mara keessatti moggaasni maqaa maal akka fakkaatu qorachuuf Oromiyaa mara keessa yoo ilaallee moggaasa maqaa duur qaban jijjiiratanii kan sababa dhibbaa sirnaafi siyaasaan moggaasa maqaa duurii gatanii hedduu akka ta'an ni beekama. Haata'uti silaa danda'ame Oromiyaa mara keessatti moggaasa maqaa iddoowwan jijjirame kanarratti af seennii maal akka jedhuu qorachuuf yeroo fi maallaqnii naaf hin hayyamu. Kanaaf qorannoo kana daangeessun dirqama ta'a,kanaaf qorannoon kun haala lamaan daangeeffame akka gaggeeffamu ta'era.

1.Bakkaafi irraawwatama qorannichaa ilaalchise, Godina shawaa kibba lixaa Aanaa Sabbataa Hawaas irratti Kan daangeefame dha.

2.Karaa mata duree" Haala moggaasa fi af seena iddoowwan aadaa Oromoo keessatti" kan jedhuun kan daangeefame gaggeefamuu dha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun moggaasaafi af seenaawwan lafa Aanaa Sabbataa Hawaas keessa jiru xiinxaluurratti kan xiyyeeffatu dha. Haata'u malee ka'umsaafi akkaataa moggaasaa fi af seena lafa sabbataarratti moggaasnii maqaasaa akkamittin akka raawwachaa tureefi maal akka fakkaatu ifatti baasun amantaa qoratuuti. Sababiinsaas maqaawwan duur moggaafaman kun aadaafi duudhaa hawaasichaa waan calaqisiisaniif maqaan durii kun akka hin banneefi hin dhabamne dhaloonni ammaa irratti hojechuun dhloota haaraa dhufuuf ceessiisuun faayidaa guddaa akka qabu amantaa qoratuti.

Haata'u malee qorannoon Kun yeroo gaggeeffamu hojii idilee hojechaa waan ta'ef rakkooleen armaan gadii kun akka haanqinaatti qabamanii jiru.

- Rakkoolee kanneen keessaa akka ijootti kan fudhataman tokkoffaa manguddoota akka iddattootti fiilataman guyyaa beelamaatti argachu dhabuu.
- Qorannoon KunKan gaggeefamu hojii idilee hojechaa waan ta'ef haalli hanqina yeroo qoranno kana bal'inaan hojechuuf ragaalee barbaadaman hunda kalattii adda addaan socho'un funaanurratti hanga tokko dhibbaa geessisu danda'era.Haata'u malee rakkoo kana furuf qoratuun yeroo boqonnaa ishee itti gargaaramuun hojiin qorannoo kun akka gaggeefamuu taasiifameera.
- Waajiraaleen aanichaa tokko tokko odeefannoo gahaa ta'efi qindefame dhaburraa kan ka'e odeeffannoo wal fakkaataa ta'e argachuun hin danda'amne ture kun immoo qorattuu dhamaatii adda addaaf saaxilee jira.
- Kitaabilee wabii dhimmoota kanaaf oolaniifi mata duree kanaan walitti dhufeenya qaban argachuu dhabuu.Kanarraa ka'uun irra caalaa manguddoota bakka adda addaa deemuun barbaaduufi namoota kitaaba wabii qorannoo kanaaf barbaachisan qabanirraa ergifachuun akkasumas mana kitaabaa yuniversitichaa seenuun yaada haayyootaa mata duree kanaan wal qabatan sakata'ame jira.
- Rakoolee armaan olitti eeramaniif hanga danda'ameetti furmaannii itti laatamee jira. Rakoo gama manguddoonni beelamaraa hafuun mudateef hanqinni yerootif yeroodhuma boqonnaa ishee akkasumas bakka hojiitii eeyyama fudhachuun nuffii tokko malee itti deeddebi'un hojatamera. Karaa rakkoo ragaa waajiraaleeraa ragaan qindaa'e dhabuu. Ragaan manguddoorraa argameen bakka busuun,akkasumas raga waajira tokkorraa dhabame waajiira birooraa gaafachuun furmaanni laatamera

1.7.Haala Walii Galaa Aanaa Sabbataa Hawaas

Aanaalee Godiina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetti argaman keessaa Aanaan Sabbataa Hawaas isa tokko yammuu ta'u, Magaalaa Guddoo biyyooleessaa Finfinneerraa gara kibba lixaa karaa Jimma qabatee deemurratti Km 24 fagaattee argamti.



Daangaa Aanichaa Ilaalchisee; Karaa Kaabaa Bulchiinsa Magaalaa Burraayyuu, Karaa Kibbaa Aanaa Tolee, Qarsaafi Maallimaa, Karaa Bahaa Magaalaa Finfinneefi Aanaa Aqaaqii, Lixaan Aanaalee Walmaraa, Iluufi Ejereen kan daangeeffamte dha.

Haala Qilleensaafi teessuma lafa aanichaa ilaalchisee,Olka'insa aanichaa meetiraan 1,800 hanga 3,385 yoo ta'u gidduu galaan meetira 2592dha.Roobnii aanichaa waggaatti miilii meetira 866 hanga miilii meetira 1200 yoo ta'u giddu galeessaan miilii meetira 1,033 ta'a. Walumaa galattii yoo ilaalluu Badda dareen 88%, Baddaan12%, Gammoojjiin 0 (Laftii gammoojjii hin jiru)

Bal'ina lafa aanichaa ilaalchisee heektaara 73,078,048 yommuu ta'u 86.75% lafa qonnaa yoo ta'u, 1.3% lafa bosonaa, 5.2% lafa dheedichaa, 0.5% lafa investimantii, 6.2% lafa mana jireenyaafi 0.1% lafa dhimmoota biroof kan olee dha.

Baay'inni uummata aanichaa dhiira 68,133,dubara 64,161 walii gala 132,294 dha. Baay'nnii uummata aanichaa magaalaa keessa osoo hin taane baadiyaa keessa dha. Kanneen hafan garuu magaalota aanichaa keessa jiraatu, Awaash Malkaa, Lakkuulee, Gajjaa,Tafkii fi Kallacha keessaa kan jiraatanii dha.

Dhimma bulchiinsaa ilaalchisee, Aanaan Sabbataa Hawaas gandoota baadiyyaa 36 fi Bulchinsa gandoota magaalaa 5 walumaa galatti Aanaan Sabbataa Hawaas gandoota 41 kan qabuu yoo ta'u, Waajjiroota Mootummaa 32, Hojjatoota Mootummaa 1751,n tajaajiila hawaasummaafi diinagdee uummata aanichaaf keennaa kan jiruu dha.

Diinagdee Aanichaa ilaalchisee,Uummannii 90 % ol qonna irratti kan hundaa'ee yoo ta'u 10 % immoo daldalaafi kan birorratti kan hundaa'ee dha.

Gama Amantaafi Afaaniitiin amantaan uummannii kun hordoofu, Amantaa Ortodoksii, Amantaa Musliimaa, Amantaa Waaqeeffataafi Pirotestaantii dha.

Gama Afaanitiin immoo bal'inaan kan dubbatamu,Afaan Oromaa yoo ta'u, Afaan Amaaraa, Afaan Guraage ni dubbatamu.Uummata kana birattii sirnoota beekamaa ta'an keessaa sirnii Ateetee isa tokkofi beekamaa naannoo kanaa akka ta'e ni himama. Akka Amantaa waaqeeffataatti Ateeteen ayyaana dubartootaa kan sanyii, hormaataafi jireenya qajeelchuu dha. Akka amantaa hawaasichaatti warrii Ateetee bulfatan ni hoofkalu, warrii

Ateetee bulfachuu dhisan immoo ni baduu jedhamee amanama. Dubartoonniis badii sa'aafi namaarraa baraaramuuf jecha waggaa waggaan ayyaana kana ayyaaneffatu. Guyyaa ayyaannii Ateetee kun kabajamu, dhaltii hin elman,hojiin hin hojjatamu, Guyyaan kun guyyaa guddaafi boqonnaati.Dubartoonnis guyyaa kana uffannaa Ateeteetiin miidhaganiitu olu.

Sirnii siiqee gara biraatiin aadaa beekamaa naannoo kanaati.Sirna siiqee kana jalatti kan gurmaa'an haadhoolii qofa dha.Sirnii kun sirna Gadaa waliin ta'udhaan kan hojiira olu yoo ta'u warra dubaraafi dhiiraa jidduu nageenyii akka bu'ufi miirgii dubartootaa akka kabajamu kan taasiisuu dha.

Bakkeewwan Aanichaa daawwannaa Turizimiif oolan,Bakkeewwan aanicha keessatti Turizimiif oolan keessaa tokko bishaan ho'aa Akaalee,Riiqicha Awaash Malkaa,Gaara Moglee,Mudaa Furii,Hidha nam tolchee Abbaa Saamu'el akka ta'an ni himama.(Waajiiri Aadaafi Turizimii Aanichaa) ni ibsa.

Biqilootaaaf Beyladoonni baayinaan Aanichakeessattiniargamuu. kanneen keessaa gosa miidhaanii baay'inaan omishaman kanneen akka Boqqoolloo, qamadii, xaafii, atara, boloqqee, shumburaa, gaayyoo yoo ta'an kuduraafi muduraa keessaa immoo qullubbii adii, qullubbii diimaa, moose, raafuu, kaarotii, hundee diimaa, qaaraa, timaatimiifi

kanneen kana fakkaatanmaqaa dhahuun ni danda'ama. Gama beeladootaatin immoo horii gaafaa, hoolotaafi ro'oota,fardeen ni argamu.

1.8. Hidda latiinsa Oromoo Aanaa Sabbataa Hawaas

Oromoon Saboota Kuush keessaa isa bal'aa fi uummata qabiyyee lafa guddaarra dagaagee jiraatuu dha.Haaluma bal'inaafi guddina uummatasaa Oromoon gosoota hedduu qaba. Isaanis Macaafi Tuulama, Sikkoofi Mandoo, Ituufi Humbaana, Raayyaa, Yejjuufi Liiban jedhamuun beekamu kanneen keessaa gosnii Tuulamaa isa tokko dha. Tuulamnii bakka gurguddoo saditti qoodamee waan argamuuf yeroo baay'ee "TuulamaSadeen" Akka jedhamu ragaan,

Obboon Tarrafaa Obboosee irraa argame akka armaan gadittii dhiyaatee jira.



Tuulama Sadeen kanneen jedhaman; Daaccee,Bachoofi Jiilee dha.Fakkeenya, Bachoo yoo fudhanne ilaallee, Bachoo mana jaha fi balbala soddoomii saddeet qaba.Mannii Bachoo jahaan kanneen jedhaman; Bachoo Iluu, Bachoo Garasuu, Bachoo Meettaa, Bachoo Waajituu, Bachoo Keeku fi Bachoo Uruuti. Kanneen keessaa bal'inaan Aanaa Sabbataa Hawaas Kana keessatti kanneen argaman Bachoo dha. Bachookun bal'inaan naannoo Caffee Bal'oo, Tajii, Sabbata, Tulluu Bolloofi Aanaa Iluu keessatti bal'inaan akka jiraatan ni himama.Kanarraa kan ka'e Uummannii Oromoo Aanaa Sabbataa Hawaas keessa jiraatan hiddii dhaloota isaanii Tuulama irraa akka ta'e himama.

Walumaa galatti Tuulamni gosoota oromoo gurguddoo keessaa isa tokko ta'e lafa bal'aafi Uummata bal'aa kan qabuu dha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti dhimmoonnii qorannoo kana waliin deemanifi yaannii hayyoota garaagaraa kan keessatti ka'anii dha.Moggaasnii fi af seennii kan gooroowwan fookloorii jalattii ilaalamu waanta'ef maalummaa moggaasaa, maalummaa moggaasa maqaafi aadaa, maalummaa moggaasaafi af seenaa, faayidaa moggaasaafi af seenaa, bu'uraalee moggaasa maqaa iddoowwanii, dhibbaa sirnoonnii darban moggaasa maqaa irraatti geessisanfi iddoowwan sirnaa yookaan kabaja ayyaanaa dhiyaatani jiran.kana malees yaaxiinaaleen fookloorii (Theories of Folklore) kan qorannoo fookloorii kana waliin deemanfi sakatta'a barruu walfakkii dhiyaatanii jiru.

2.1. Yaadrimee Fookloorii

Maalummaa fookloorii irratti haayyoonnii yaada garaagaraa qabu.Kunis dirreewwan adda addaarra dhaabbachuun waan ilaalaniif akka ta'e ni himama.Fooklooriin kana jedhanii hiika haayyoota hunda waliigalchuu danda'u tokkoon ibsuun ulfaataa dha. Kunis kan ta'ef fooklooriin yaadrimee bal'aa waan of keessatti hammatee jiruufi.Yaada kana ilaalchisee Alamaayyoonfi kaawwan (2010:14) akka armaan gaditti ibsu."Yaadrimeen fookloorii bal'aa dha.Maal akka inni hammatuu fi hin hammannellee adda baasuun nama rakkisa."Jedhu.

Fookloorii salphaatti ibsuuf rakkisaa kan taassisan keessaa sababiin inni biro amala gosa barnootichaati. Amalli isaa kunis dirreewwan barnootaa hunda waan tuttuquufi. Fooklooriin amala seenaa waliin walitti isa hidhu waan qabuuf, kallattii seenaatiin qo'atama, Karaa og afaaniis afaan irratti waan hundaa'uuf,kalaqa waliinis wal qabatee og barruu jalatti qo'atama. Kana malees,fooklooriin amala namaa kan agarsiisuu waan ta'ef xiinsammuu keessattis ilaalamuu danda'a. Hundumaa caala immoo fooklooriin jiruufi jireenya namaa akka aadaatti kan agarsiisu waan ta'ef, bal'inaanfi gadifagenyaan xiin aadaafi xiin hawaasa keessatti qo'atama.

2.1.1. Maalummaa moggaasaa

Maalummaa moggaasaa ilaalchisee, moggaasa jechuun nama, bakkaykn iddoo fi wantoota biro tokko isa biroorraa adda baasuun ittin waamuuf kan keennamuu ta'e

namnii ykn wanni maqaan keenameef sun dhunfaatti kan ittin beekamu ta'a. Kanaaniis namni tokko isa biraarraa, akkasumas waan tokko warra biraarraa adda baasuun beekuun ni danda'ama. kana ilaalchisee, Abdulsamad (1994:51) yoo ibsu*," Jechoonni namaaf, bakkaaf, meeshaaf, gochaaf ykn yaadaaf moggaafaman maqaa jedhamu,"* jechuun kaa'a. Yaada Abdulsamad kanarraa akkuma hubachuun danda'amutti,maqaan moggaasa namaa, bakkaafi wantoota biro kan mul'atanii fi kan hin mul'anneef kan keennamu akka ta'e yaadni barreessaa kanaa kunis moggaasnii maqaa iddoowwan kun kan murtaa'u maqaa namaa, sanyii, haala qilleensaa, wanta naannoo sanatti biqilani fi mudannoo ykn haala qabatamaa irratti hundaa'a jechuu dha.

2.1.2. Moggaasa Maqaa fi Aadaa

Moggaasnii maqaa iddoowwanii yoo moggaafamuu aadaa saba yookaan hawaasa moggaasa sana keennee keessatti hiika qabaachuutuu irra jiraata.Kana jechuun moggaasnii maqaa uumama afaanii wajjin kan wal qabateefi Afaan immoo ibsituu aadaa saba tokkoti.Haaluma kanaan Uummannii Oromoo Aanichaa akkuma hawaasa biro iddoowwanif yoo maqaa moggaasuu akkaataa armaan olitti ibsameen ta'a.Kun akkuma jirutti ta'e Uummanni Oromoo garuu aadaa,safuufi dudhaa mataasaa qaba.kana jechuun moggaasnii maqaa iddoowanii aadaa hawaasichaan murtaa'a jechuu dha.Kunis hiiknii maqaa moggaa'uu kun ifa ta'e kan mul'atuu aadaa hawaasa maqaa moggaasee sana keesatti ta'a jechuu dha.Kana ilaalchisee Smith (1969:268) yoo ibsu,"*The exact conaction of each name is that in the mind of the giver,"*jedha.Yaada kanarraa kan hubannu,hiikni moggaasa maqaa sammuu nama maqicha moggaasuu keessaa akka maddu agarsiisa.

Haaluma kanaan moggaasnii maqaa iddoowwanii hiika guutuu argachuu kan danda'u aadaa hawaasa maqaa sana moggaasee sana keessatti qofa ta'a. Akka fakkeenyaatti osoo maqaadhuma "sabbata"jedhu kana fudhannee ilaalle sabbata jechuun uummata Oromaa biratti hiikaadda addaa mataasaa qaba.

Tokkooffaa 'sabbata' jechuun faaya dubartoonnii mudhii isaanii akka jabeessuf mudhiitti hidhatan yoo ta'u,Akka aadaa oromootti sabbata kana kan mudhitti hidhattu dubartii herumteefideessee dha. Lammaffaa sabbannii haadhoollii biratti mudhiijabeessuu qofa osoo hin taane qabeenya,maalaqa, furtuu manaa fi kan kana fakkaatan kan ittin jabeeffatanii dha.kana malees,jecha jechamaa kan "sabbata hiikattee"jedhuuf hiiknii isaa

afoola Oromoo keessatti qofa argama kana jechuun dubarii tokko "herumteykn durbummaa ishee dhabde" jechuu dha.Haaluma kanaan jechii sabbata jedhuu kun hawaasa Oromoo biratti faayas, jabeenyas kan ibsuu ta'e durbummaafi haadhummaas kan heeruu dha.kun immoo jechii tokko illee hawaasa isa moggaase birattii hiika adda addaa akka qabu nutti mul'isa.

Walumaa galattii yaada armaan olii kana tumsuf walitti dhufeenya aadaa fi moggaasaa kana ilaalchisee, Smith kan kaa'e deegaruun Dunkling (1977:47) yoo ibsu,"*Men give names depending on culture of* the *society.Name have been given in*,"kan jedhu ragaa dha.Haala qabatama naannoo qorannoon kun itti raawwatameettis, jireenyasaa keessattishaawaasnii lafa irrajiraatuufi wantootaaf maqaa moggaasee akka aadaafi duudhaa isaatti ittin waama.

2.1.3. Faayidaa Moggaasa Maqaa fi Af-Seenaa

Maqaan moggaafamu tokko hawaasa maqaa sana moggaasu keessatti faayidaa mataasaa ni qaba.Kunis maqaan sun hawaasa sana keessatti hiika mataa isaa qaba waan ta'efi.Kunis namni sun saba kamirraa akka ka'efi bu'urrii moggaasa maqaasaa maal akka ta'ellee tilmaamuu nama dandeessisa.Namoonni tokko tokko garuu maqaan isaanii ittin waamamuu biira darbee hiikaafi maqaan sun maaliif akka isaanii mogga'ee ibsuuf ni rakkatuu. Haata'u malee maqaan jecha ykn gaalee afaan sanaa isa xiqqaa ta'e hawwii,abdii,yaada,ilaalcha,seenaa,amantii,aadaa fi duudhaa isaanii ittin ibsachuu akka danda'an ni himama.Kana ilaalchisee Dunkling (1977:267) yoo ibsuu*,"... a name has other association as well as verbal.It might suggest a particular racial group.It might suggest religions demonstration,"*jedha yaada kanarraa akka hubannuutti moggaasnii maqaa enyummaa fi maalummaa wanta moggaafameefii sanaa ni ibsa jechuu dha.kanaafuu maqaan ibsiituu eenyummaa saba tokkootti jechuun ni danda'ama.Gara biraan immoo maqaan ibsiituu aadaa fi siyaasaas ta'e tajaajjiluu ni danda'a.Kana ilaalchisuun, Hanks& Hodges (1995:VII) yoo ibsan "*A person's given name is a badge of cultural identity.It is difficult to imagine human culture with out personal name.The name that people bear are determined in large part by the culture that they belongs to,"*Yaada kanarraa akka hubannutti maqaan qaama aadaa waan ta'eef,mallattoo eenyummaa fi aadaa hawaasaa keessaa isa tokko akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Maqaan moggaafamuu tokko aadaa hawaasa bal'aan akka murtaa'uus yaannii armaan olii kun nu hubachisa.Kanaaf maqaan mul'istuu aadaafi eenyummaa saba ykn nama tokkotti jechuun ni danda'ama.Walumaagalatti maqaa moggaafamuun maalummaa waan sanaa hubachuun akka danda'amu barreessitoota kanarraa hubachuun danda'ameera.

2.1.4. Moggaasaa fi Af-Seenaa

Afoolli hangafa hojiilee kalaqa, hangafa yaada ilmoo namummaa, hawaasni yaada sammuu fi mararfata aadaa ittin ibsuu eegale. Bifa og-barruu umrii dheeraa qabuufi yeroo dheeraa tajaajjilaa ture. Afoollii yaada sammuu ilmoo namaa, kalaquu danda'uu isaa hubachisa. Sammuu namaa haala adda addaan yaaduu akka danda'u mul'isa. Fedhii fi jaalala ilmoon namaa seenaa kalaquu fi himuuf qabuu agarsiisa. Haala kanaanis dhalootaa dhalootatti afaaniin dabraa dhufe.

Mee yaada keenya kana tumsuuf kan Boswell fi Reaver (1962:16) jedhan haa ilaallu:

> *"We can allow ourselves a contradiction,and say that there was a kind of literature before literature.*
>
> *Some of the materials of literature,the thoughts,must have been created long before they were written down. We can fancy and with out fancy there would not much literature worth reading that our distant fathers who lived in caves sat round that fires and told stories about wild animals they had met,about their exploits in combat with neigh boring tribes,and my sterious tales "myths" as we call them,about the gods of forest and stream."*

Beektoonni og-barruu og barruun barreeffamaa afoolarraa maddusaa agarsiisuuf yaadoota kanneen heeruu.

- Seeneeffamoonnii fi durduriin duraan barreefamanii argaman yaada xaxamaa fi beekumsa cimaa mul'isuu, Kanneenis dhaloota hedduu keessa lafa jalaan kan dabraa dhufan fakkaatu.
- Hawaasnii har'a qaroominarraa fagaate haala jireenya dura fakkaatu keessa jiruus yaada og barruu fi dandeetti kalaqaa kana qaba.

Vincent Simiyu. (1994) immoo hawaasni hundii afoola qaba jedha. Walii galteen hawaasa har'a qaroome jira jedhamuu haarka sagaltamnii afoolaan raawwata. Haata'u malee,Uumamuu barreeffamaa qofatu hawaasa addunyaa bakka lamatti qooda malee

duraan hundii afoolaan ture jedha. Kanarraa ka'un afoolli kanneen akka durdurii madda tokkorraa kan dhufanii fi yeroo keessa sababa adda addaan kan biyyoota garaa garaatti tatamsa'anii dha. Kanaafuu, qo'annoo afoolaa gaggeessuf naannoo afoolli sun jiru qofaa otoo hin taane dhuftee ykn seenaa isaas duubatti deebi'un ilaaluun barbaachisaa ta'uu isaati.

2.1.5.Bu'ura Moggaasa Maqaa Iddoowwanii

Hawaasnii tokko iddoowwaniif yoo maqaa moggaasuu wantoota bu'ura godhatee moggaasuu adda addaa qaba. Isaanis maqaa (sanyi) namaa, wantoota naannoo sanatti baay'inaan argaman, haala qilleensa naannoo sanaa bu'ureefachuun, teessuma lafa naannoo sanaa, taatee ykn qunnama bakka sanaa fi biqiloota naannoo sanatti baay'inaan argaman bu'ura godhachuun moggaasa.

2.1.5.1. Maqaalee Iddoowwan Maqaa(Sanyi) Namaa Bu'ura Godhachuun Moggaafaman

Maqaaleen iddoowwan tokko tokko maqaa namaa (sanyi) namaa bu'ura godhachuun moggaafamuu kana ilaalchisee, Powell . (1990:24) yoo ibsuu, "*Many place names are derived from personal names."* jechuun kaa'a. Yaada kanarraa akka hubatamuutti maqaan iddoowwanii baay'een isaanii maqaa namootaarraa akka moggaafaman nu hubachisa.

2.1.5.2.Maqaalee Iddoowwanii Haala Qilleensaa,Teessuuma Lafaa fi Wantoota Naannoo Sanattii Baay'inaan Argaman Bu'ura Godhachuun Moggaafaman.

Moggaasnii maqaa iddoowwanii gama biraan wantoota naannoo sanatti baay'inaan argaman, haala qilleensaa fi teessuuma lafaarratti hundaa'un moggaafamu. Kana ilaalchisee, Evgene. (1997:2) Yoo ibsu. *" Each place name has an image that partrays the physicl and environmental charactorstics of the place,"* jedha. Yaada kanarraa akkuma hubatamutti maqaan bakka tokko yeroo moggaafamuu wanta bakka sana jiru nuttii mul'isu akka qabu agarsiisa. Kanaafuu moggaasni kun bakka sanatti baayinaan wanta argaman, haala teessumma lafaafi qilleensaa agarsiisu danda'a jechuu dha.

2. 1.5.3.Maqaalee Iddoowwanii Taateewwan Bu'uura Godhachuun Moggaafaman.

Bu'urii moggaasa maqaa iddoowwanii inni biroon immoo taateewwan yookaan mudannoo gara garaa fi gochaalee adda addaa yeroo ta'e raawwate yaadachuuf ta'uu danda'a, kana ilaalchisee, Elias . (2004:47) yoo ibsu. *"Some names commemorate natural, political, social or cultural events---,"* jedha. Yaada kanaa olii kana kan deegaru, Stewart . (1967:65) Yoo ibsu, "*Names are not consciously planned like the origin and charactorstics of language. It depends on some conditions during or be for it has given to afellow or a things,"* jedha. yaadota armaan olii kunneen irraa akkuma hubatamutti moggaasnni maqaa kun taatee yookiin gochaalee haala yeroo moggaasuu yookaan sana duraa bu'ureefachuun akka keennamuu nama agarsiisa.

2.1.5.4. Dhibbaa Sirnoonni Darban Moggaasa Maqaa Iddoowwanii Irratti Geesiisan

Siyaasnii tokko afaan tokko guddisuu keessattis ta'ee ajjeessuu keessatti ga'ee guddaa taphachuu danda'a. Kana kan ibsu, Alamaayyoo fi Kaawwan (2004:XX) "*Uummannii Oromoos jiraataa biyya kanaa osoo hin taane biyya kanaaf keessummaa akka ta'e fi akka lammii lammaffaattii akka ilaalamuu taasifameera, Afaan Oromoos akka hin guddannee fi in dagaagnee taasiifamaa tureera. Kana malees, Oromoon Oromummaasaa akka jibbuufi tuffatamaa akka ta'e aadaa, seenaa fi afaansaatti akka saalfatuu godhameera,"* jedhu.

Haaluma kanaan moggaasnii maqaa iddoowwanii saba tokko yoo sabni sun gabroomfame midhaan irra gahuu danda'a. Kun immoo sabnii sun aadaa fi safuusaa akka jibbuu fi kan warra isa gabromsee akka dhaaluu godhe. Kana ilaalchisuun, Elias (2004:62) yoo ibsu, "*During the colonial era, African---received western names along side their ethnic name,"* jedha. Akka yaada kanatti moggaasnii maqaa yeroo Afriikaan koloneeffatamee ture hawaasnii Afriikaa maqaa qomoo saaniin cinaatti maqaa warra Awurooppaa (warra dhihaa) moggaafataa akka turan yaadnii barreessaa armaan olii ni ibsa.

2.1.5.5. Moggaasa Maqaafi Af seena Iddoowwan Sirnaa (Kabajaa)

Oromoon sirna bulchinsa kan rakkoolee gama siyaasaa, hawaasummaafi diinagdeesaa qunname ittin hiikachaa tureefi ammas ittin hikkachaa jiru sirna dimokiraatawaa ta'e

sirna Gadaa jedhamu qaba. Gosoota Oromoo keessaa gosti Oromoo Tuulamaa isa tokko yoo ta'u, akkuma Oromoo naannoo biraa jiraatu sirnoota kabajaa yookaan ayyaanaa ni qaba. Isaanis Sirna Gadaa, Irreechaafi, Muudaa kanneen jedhaman.

Jiruufi jireenya Oromoo keessatti, aadaan madda siyaasaa akka ta'e hawaasa addunyaatu raga baha. Madda sirna dimokiraasii addunyaa kan ta'e, Gadaan Oromoo bu'aa kanaa ti. Aadaan bu'ura siyaasaafi bulchinsaa akka ta'e, Baker (2004:40) Akkas jechuun ibsa, "*Cultural polatics is about the power to name, and thus legitimate, objects and events, in cluding both common sense and 'official' versions of the social and cultural word."* Jechun ibsa.

2.2. Yaaxinaalee Fookloorii (Theories of Folklore)

Bu'aa kallatti beekumsa tokko argamsiisuf qabuufi daandii inni beektoota ykn hayyootatti agarsiisuuf qaburratti bu'uuruun hayyuun Dorson, R.(1972) jedhamu dayeessawwan fookloorii jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garaa garaatti qooda: ideology, contextual, historical-geographical, historical-reconstructional, hemispheric, mass-cultural, functional, psychoanalytical, folk-cultural, cross-cultural, structuralfi oral-formulaic kanneen jedhamanii dha. yaaxinaalee kanneen kessaa qorannoo kanaan kan wal qabatan yaaxiina walakkeessaa (Hemispheric Theory), yaaxina irra deeb'anii ijaaruu (Historical-reconstructional), fi yaaxina aadaa hawaasaa (Folk-Cultural Theory) yoo ta'an kunneenis akka armaan gadiitti ibsamu.

2.2.1. Yaaxina Walakkeessaa (Hemispheric Theory)

Daayeessi kun daayeessa Dorson jedhamuun beekama. Sababiin isaas, Dorson kitaaba isaa keessatti '' My own theory" jechuun barreesseera. Akka yaada yaaxina kanaatti afoolli biyyoota haaraa kan xinxalamuu qabu, seenaafi sabummaa "racial'kan bu'ureefate ta'u qaba. Yaada kanas kallatumaan yoo ilaallu akkas jedha, " *The folklore of each New World Country need to be analyzed in terms of its ethic-racial and historical in gredients.* (Dorson,1972:44) kanaafuu, afoolawwan addunyaa haaraa qorannoo afoolaarratti seenaa naannoo waliin wal qabatani jiran hubannoo keessa galchuu qabu.Kanarraa ka'un Dorson, Daayeessii kun qaacceessaaf akka tolutti afoola addunyaa haaraa fi moofaa jedhee bakka lamatti qooda. Kunis sababin barbaachiseef afoolli biyyoota gara garaa

keessa jiran sababbii adda addaan waan wal makanii argamaniif. Akka yaada yaaxina kanaatti sababa adda addaarraa kan ka'e aadaa, safuu fi duudhaan hawaasa tokko kan biraan liqifamuu, baduufi wal make seenaafi sabummaa isaa dhabuu waan danda'uf afoolleewwan addunyaa haaraa qorannoo afoolaa yeroo adeemsissan seenaa naannoo waliin wal qabsiisun gaarii ta'u isaa hima. Yaada isaa kanarraa akkumma hubannuu, moggaasnii maqaalee sababoota adda addaan yeroo adda addaa taasifaman kun bifaafi hiika dura qaban sana dhabuun, dagatamaafi irraanfatamaa akkasumas baduufi walmake seenaafi sabummaasaa dhabaa deemuun kun balaainni hawaasirrattii qabuunutti mul'isa. Waan kanata'eef yaaxinnii walakkeessa (Himispheric Theory) jedhu kun yaaxinaalee kaanirra qorannoo kootiif baay'ee mijataa dha.

2.2.2. Yaaxina Irra Deebi'anii Ijaaruu (Historical-Reconstructional)

Daayeessi kun duudhaan haawaasaafi fooklooriin durii irra deebi'amuun tajaajilaaf ooluu akka qaban kan kaa'u dha. Akka yaada yaaxina kanaatti wantoota ammaaf kan bu'ura ta'e waan durii sababii ta'ef, qorannoo fookloorii kan ammaas ta'e kan durii qorachuuf wantoota durii dubatti deebi'uun ilaaluun barbaachisaa ta'u isaati. Egaa gabaabumatti yaada kanarraa wantii hubatamu fookloorii bade tokko irra deebi'anii lubbu itti horufis ta'e kan amma argamu cimsuuf waan durii duubatti deebinee ilaaluun akka gaarummaa qabu dha. Kanaafuu, qorannoo fookloorii keessatti haala kana tajaajiilamuun bu'aa qabeessa ta'u isaa mul'isa.

2.2.3. Yaaxina Aadaa Hawaasaa (Folk-cultural Theory)

Yaaxinni kun kan maddee qo'atoota duudhaa kan ta'an kanneen akka Iorwerth Peate, Donyoder fa'ini. Kaayyoon fookloorii kanaas hubannoo aadaafi duudhaa hawaasaa akka cimuufi bu'aan hawaasaa xiyyeeffannoo akka argatu taasiisuu dha. Akka yaaxiina kanaatti qu'annoon hammayyaa ta'e yaaxina qofa kan giddu galeessa godhate miti. Odeefannoo dirree kanneen waan seenaa durii, Waan durii irra deebi'anii fayyadamu, xinsammu hawaasaa akkasumas gara faayidaasaattin waa'ee fooklooriisanaa kan agarsiisudha. Kanaafuu, qoorannoon fookloorii waan aadaa, duudhaa, akkasuumas, qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu agarsiisa.

Yaaxina kanneen keessaa caalmaan yaaxina Walkeessaa (Hemispheric Theory) gargaaramuun qorannoon kun gaggeefameera.

2.3 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Qorannoon mata duree kanaan kallattiidhaan qabiyyeeniis ta'e xiinxalasaatiin kan walfakkaatu Aanaa kana keessatti hojjatamee hin jiru.Haata'u malee naannoo Oromiyaa keessatti bakkamuraasatti moggaasa maqaa daa'imman irratti kanxiyyeeffatanii hojjataman jiru. Kanneen keessaa:

1. Dassaalany Labataa (2006) Yuniivarsiitii Wallaggaatti digrii lammaffaa guutachuuf mata duree"Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa'immman Aanaa Waayyuu Tuqaa" jedhuu fi
2. Seefuu Tsaggaayee (2008) Yunivarsiitii Finfinneetti digrii lammaffaa guutachuuf mata duree"Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa'immani fi Bakkeewwan Aanaa Walisoo" jedhuu dha.

Cimiina: Qorannoon lamaanuu aadaa boonsaa moggaasa maqaa uummannii Oromoo durqabu akka ifatti bahuuf yaaliin godhame cimina gama lachuun mul'atuu dha.

Hanqina:Qorannoo inni tokkooffaaratti dhiyaate,Moggaasa maqaa daa'immanii qofairratti kan xiiyyeeffatuu yoo ta'u qorannoon inni lammaffaan immoo xiinxala moggaasa maqaa daa'immanii fi bakkeewwan irratti xiiyyeefachuu isaati.

Walfakkeenya Qorannoo kana Faana Qaban: Qorannoon lamaanuu moggaasa maqaa kan ilaallatan ta'un isaanii qabiyyee moggaasaa kan ilaallatan waan ta'ef lamaanuu wanta walfakkeessuu dha.Qorannoon kun lameen kan kiyyaa irraa wannii adda isa taasiisu tokkooffaa isaan lameenu moggaasa maqaa daa'immanii irratti hojjatan.Lammaffaa lameenuu waa'ee teessuma lafaafi af seenaa of keessaa hin qaban.Waan kana ta'eef qorannoon kun lameen ka'umsa qorannoo koo ta'u malee kallatumaan kiyya waliin wal hin fakkaatan.

Garaagarummaa: Qorannoon inni tokkoffaan xiinxala moggaasa maqaa daa'imman irratti kan xiyyeeffatuu yoo ta'u, qorannoon inni lammaffaan garuu moggaasa maqaa daa'immanii fi bakkeewwanii waan ta'efi.Dabalataanis bakkii qorannoowwan kun irratti gaggeeffaman Aanaa Sabbataatii ala ta'u isaaniti. Kanaafuu, qorannoon hanqiinaalee jiran kana guutuun bakka tokkootti akkaataa moggaassa maqaa fi af seena lafa aanaa sabbataa hawaasiin walitti dhiyeesseera. Dabalataans qorannoon kun moggaasa maqaa namaarratti yaannii inni kaasee ,Maqaan tokko yeroo nama tokkof maatiin moggaasuu sababa mogga'uf akka qabu eera. Kana malees maqaan mogga'u sun afaan,aadaafi eenyummaa nama sanaa kan ibsu ta'u akka qabu ibsa kana malees, Aadaan moggaasa maqaa kun immoo guddiina afaanii keessattis akka shoora qabu eeretu jira. Walumaa galatti moggaasni maqaa namaafi iddoowwani yoo moggaafamu aadaa saba yookaan hawaasa moggaasa sana keennee keessatti hiika qabaachuu qaba

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoo tokko gochuun dura,maaliif akka gaggeefamu,maal irratti akka gaggeefamu,maal irratti akka xiiyyeefatu fi mala akkamiin yoo fayyadame bira gahuu akka danda'u adda baasuun barbaachisaa dha.

Haaluma kanaan qorannoon kun qorannoo aadaafi duudhaa hawaasa bu'ureeffatee dha.Qorannoon aadaa hawaasaarratti xiyyeeffatuu immoo gosoota qorannoo keessaa mala qorannoo akkamtaa (qulqulleeffataa) jalatti ramadama. Kanarraa ka'un mallii qorannoo akkamtaa kun filatamee qorannichi akka gaggeefamuu ta'era. Ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisaniis manguddota Oromoo, beektoota aadaafi hojjatoota waajiraalee aadaafi turizimii walliin gaaffileen af gaaffii, marii garee, akkasumas dokkimantiin adda addaa akka sakatta'amu taassisuun kan funaaname yoo ta'u, ragaan odeeffannoo argamee kunis jechaan ibsamee akka qaacceeffame hiiknii itti keennamu waan barbaadameef mallii kun filatame.Sababnii mallii kun filatameef qorannoo kana sirriitti ibsuuf mijataa waan ta'efi. Mala kana ilaalchisuun, Dastaan (2002:113) Wikipedia wabeefachuun,

*"The most common analysis of qualitative data is observer,impression. That is expel or bystander observers examine the data.Interperate it via forming on impression and report their impression."*jedhe ibse jira.

Dabalataanis,Addunyaan (2011) mallii qorannoo akkamtaa haallii jiruufi jireenya hawaasichaaykn amala hawaasa sanaa akkaataa fi bifa inni qabuufi qabatasaas akkasumas maal jechuu akka ta'e kan ittin xiinxalamuu dha jedha.Itti ansuun, Addunyaan (2011) haayyoota armaan gadii wabeefachuun akkasitti ibsee jira. Tum (2002), Sigh(2007) Dhimma kanas gaaffii 'Akkamitti?' jedhu kaasuun bal'inaan qorachuuf haala mijeessa. Gaaffii kana deebiisuuf kan barbaachisu odeeffannoo akkamtaati (qulqulleefataa)ti. Moon (2004:3) akaakuu odeeffannoo kanaa,"Qualitative data is descriptive data from observation or unstructured interviews" jechuun hiikaan.Yaannii kun dhimma qorannichaa gadiifageenyaan xiinxaluuf isa bu'uraa waan ta'eef aniis gosa qorannoo keessaa akkan isa kana filadhu nataasiiseera.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo tokkoo gaggeessuu keessatti adeemsa raawwii qorannichaa,maal akka ta'u qabu, dhimmoota qorannicha keessatti akka bu'uraatti ilaalamuu maal akka ta'e hubachuu gaafata. Akkasumas qorannichi maal akka fakkaatuu fi maalirratti akka xiyyeeffatamu qabu adda baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Waan kana ta'eef saxaxa qorannoo adda baasuun barbaachisaa ta'era.

Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor. (2009:303) yoo ibsu*," The research design is a plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, were they are and where they are going," jechuun kaa'a.*Yaada kanarraa saxaxnii qorannoo tokko,qorataan garamiitti qorannicha geessaa akka jiru beekuuf isa gargaara. Yaaduma kana kan deegaruu, Addunyaan. (2011:64) yoo ibsu. " *saxaxa qorannichii deebisuuf deemu,kaayyoo isaafiakaakuuwwan odeeffannoo argamuuti,"*jechuun kaa'a.Yaada hayyoota kanaarraa akka hubannuutti saxaxnii qoranno,mala qorataan qorannicha ittin gaggeessu,akkaataa filannoo iddatootaa,meeshaalee odeeffannoon ittin guramuu maal maal akka ta'e fi qaacceessee kan ibsu ta'a.

Dabalataaniis,Addunyaan. (2011:63) irratti yoo ibsu,"*Qorannoon haala ibsuurratti yoo xiyyeeffata ta'e,saxaxnii isaa ibsaa dha.kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaa'ee saxaxniisaas ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive) ta'a.*"jedha.

Akka yaada barreessaa kanaarraa hubachuun danda'amutti, hojii qorannoo keessatti saxaxa qorannoo adda baasanii beekuun barbaachisaa ta'a. Qorannoo kana keessatti moggaasnii maal irratti akka xiyyeeffatuufi bu'urri moggaasa maqaa iddoowwanfiaf seenasaa maal akka ta'e ragaan manguddootarraa argamurratti hundaa'un xinxalamanii jechaan ibsi akka itti kennamu waan barbaadameef saxaxnii qorannoo kanaa ibsaa akka ta'u filatame hojirra oolera.

3.2. Tooftaa Iddatteessuu

Qorannoo gaggeessuu keessatti filannoo iddattootaa qulqullina qorannichaaf bu'aan inni qabu murteessaa ta'a.Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qorattuun tooftaa iddatteessu miti carraa fayyadamuun iddattoota filatetti. Kunis namoota odeefannoo sirriifi qabatamaa ta'e keennu danda'an adda baasuun qorattun ta'e jeteetu manguddoota

oromoo aadaa hawaasichi karaa moggaasa maqaa iddoowwani sirritti beekan filachuun raga funaanudhaaf ishee gargaara.

Tooftaa iddatteessu kana ilaalchisee, Jane. (2003:78) yoo ibsu, "*In non- probability sample,units are deliberately selected to reflect particular features of or groups with in the sampled population,"* jedha. Yaada kanarraa akkuma hubannu tooftaan miti-carraa kan itti yaadame iddattoo filachuuf gargaara. Haala kanaan qorannoo kana keessatti qorattun namoota daangaa qorannichaa keessa jiran keessaa kanneen dhimma kanarratti odeeffannoo guutuu keennuu danda'an manguddoota oromoo filuun odeeffannoo barbaadamu irraa funaanuun qorannicha gaggeessuf gargaaramte.

Ragaa funaanu keessatti qorattun tooftaa iddatteessuu akkayyuufi mala eeruu fayyadamuun raga walitti qabachuun qaacceessite. Sababiin mala iddatteessuu eertuu fayyadamteef namoota muxannoo qaban waan hin beekneef namoota dhimma moggaasa maqaa Aanaa Sabbataa Hawaan kanarratti beekumsaafi odeeffannoo gahaa qaban iyyaafachun waan bira gahuun danda'amuufidha. Iddatteessun akkayyoon ammoo miseensoota hoomaa keessaa kanneen odeeffannoo barbaadamu sirritti beeku jedhame itti amanamu itti yaaduun fiilachuufi namoota kaayyoo qorannoo keenyaaf bu'aa busuu danda'an addatti filuun raga argachuuf qorattu gargaara.Kana ilaalchisee, Addunyaan (2011:67) yoo ibsu,"*Iddatteessuu akkayyoon akaakuu iddatteessuu miti-carraa ta'e qorataan tokko beekumsa dimshaashaarratti qabuurraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessu ilaala.Akka kaayyoo qorannichaatti odeeffataa yookaan deebistoota fiilachuu waan ta'ef."* jechuun kaa'a.

Yaada armaan olii kana deegaruun, Scott and Deildred . (2009:47) yoo ibsan,"*purposive sampling in volves selecting people for our research who are available or important to the given study,"*jedhu.Yaada kanarraa ka'un qorattun akaakuu iddatteessuu miti-carraa keessaa iddatteessuu akkaayyoo ykn kaayyeeffataa fayyadamuun manguddoo Oromoo filachuun raga irraa funaanuun akka qaaceessituuf qorattuun itti fayyadamtetti.

Walumaa galatti qorattuun yaada armaan oliirraa ka'uun qorannoo keessatti namoota raga keenanniif ta'ejette manguddoota dhalattoota naannoo sanaa ta'aniifi aadaa oromoo naannoo sirritti beekan irraa raga funaannatteetti. Kunis odeeffannoo sirrii ta'e argachuuf

gargaara.Akkaataa kanaan aanaa filatame kana keessatti manguddoota shan (5) hojjattoota misooma qonnaa sadii (3) hojjattoota aadaa fi turizimii sadiI (3) irraa af gaaffiin, fi haayyoota (beektoota) Kudhan (10) irraa af gaaffi fi marii garee qopheessuun xiyyeeffannoon, hubanno fi beekumsa moggaasa maqaa lafa aanaa sabbataarratti qabaniin filatamanii akka odeeffannoon irraa funaanamuu ta'e jira. Walumaa galattii namoota digdamii tokko (21) irraati qabatamaan kan guramee yoo ta'u hawaasa naannoo irraas yaadaafi gaggaaffiin cimsametu jira.

3.3.Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeefamuu irraawwatama mataasaa qaba. Irraawwatamnii kunis namootaafi dhimmoota qorannoon irratti gaggeefamu dha. Kana ilaalchisee, Addunyaa (2011:64) Yoo ibsu, *''...namotaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuf kan irratti raawwatame gaalee jedhurraa adeemsa suphaatiin umame,'* 'jedha. Haaluma kanaan irraawwatamni qorannichaa Xiinxala moggaasa maqaa iddoowwanii aanaa sabbataa hawaas.

3.4. Madda Ragaa

Maddii odeeffannoo kan namnii qorannoo gaggeessu tokko kaayyoo ka'eef galmaan ga'uf odeeffannoo irraa funaanuudha.Haaluma kanaan maddii odeeffannoo manguddoota Oromoo naannoo sanaa,hojjatoota aadaafi turizimii akkasumas hojjattoota waajiira qonnaa irraa ta'a.

3.5. Toftaalee Funaansa Ragaa

Qorannoon tokko yeroo gaggaaffamu ragaan yookin odeeffannoo funaanachuun barbaachisaa dha.Haaluma kanaan odeeffannoon qorannoo kanaa malleen hamamtaafi akkamtaa hojiirra olchuun adeemsifama.Mallii kunis odeef keennitootarraa odeeffannoo barbaadaman argachuuf ni gargaaru jedhameetu filatama.Malleen kana keessatti odeeffannoon af-gaaffii,marii gare irratti xiyyeefatamuun kan gaggeefamee dha.

3.5.1. Af Gaaffii

Af gaaffiin meeshaalee ittin odeeffannoo funaanan keessaa mala akkamtaati. Qorattuun kun af gaaffii sababiin itti filatteef hubannaa namoonnii waan tokkorratti qaban mala ittin ragaa argatan waan ta'efi dha. Kana malees karaa ittiin odeeffannoo funaanan keessaa isa

human qabeessa waan ta'eefi.Aadaa Oromoo keessatti karaa moggaasa maqaa iddowwanii ilaalchisee qorannoon bal'aan gaggeefame hin jiru.Keessaayyuu Aanaa Sabbataaratti qorannoon qoratamee taa'e hin jiru. Kanaaf dhimma kana gadii fageenyaankan beekan manguddoota waan ta'aniif isaanirraa odeeffannoo funaanuun qorannoo kana gaggessuun filannoo biraa kan hin qabnee dha. Haaluma kanaan raga funaanuuf af gaaffitti dhimma bahuun filatamee hojjirra akka oluu ta'eera. Ragaa kanas qorattuun naannoo manguddoonni raga gahaa ta'ee keenannirratti argamuun,yaadannoo qabachuun, Viidiyoofi sagalee waraabuun ragaan kun akka funaanamuu ta'eera.

3.5. 2 Marii Garee Xiyyeeffannoo

Marii garee irratti mata duree qorannoo kanaaf odeefannoo sirrii kan keennuu danda'an jaarsolii yoo ta'an ogeeyyiin adda addaa aanichaa hanga tokko beekumsa ni qabaatu.Kanaafuu namoota kanarraa odeefannoon akka funaanamuu ta'era. kunis muxannoo fi bekumsa jara kanaa qorannoo kana keessatti dhimma bahuuf gargaara. Kana ilaalchisee, Kotheri (2004:98) yoo ibsu,"*Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent…,"* jechuun kaa'a. Marii kanas qorattuun bakka giddu galeesa ta'ee filachuun walitti qabuun ragan akka irraa funaanamu ta'e jira. yeroo marii garee kana adeemsifnus xiyyeefannoon keenya moggaasa maqaa iddoowwanii kan duriifi ammaa irrattii fi sirnoonnii darban dhibbaan isaan moggaasa maqaa kana irratti geessiisan maal akka turee bal'inaan irratti mari'atamee akka ibsa irratti keennan ta'era.

3.5.3 Sakkatta'a Dokmantii

Qorannoo gaggeeffamuu tokko keessatti meeshaan funaansa raga barbaachisaa dha. Meeshaalee funaansa ragaalee kanneen keessaa immoo sakkattaan dokmantii isa tokko yoo ta'u, Qorattuun dokmantii adda addaa waa'ee moggaasaa, moggaasa maqaa, aadaafi afseenarratti barreeffaman sakkatta'un dubbiistee qindeessun dhiyaate jira.

3.6. Adeemsa Funaansa Ragaa

Addeemsa qorannoo kanaaf kan barbaachisoo ta'an funaanu keessatti akkaataa ragaan itti funaanamu,akkaataa hirmaattoonnii raga itti keennan, qaacceessa ragaalee, amanamummaa qorannichaafi qindaa'innii qorannichaa tartibaan akka raawwatam ta'era.

3.6.1. Haala Ragaan Itti Funaanamu

Ragaan mangoddooliifi beektoota aadaa aanichaarraa funaanuu keessatti keessummaa odeeffannoo manguddoonnii keennanniif yaadannoo dhunfaa qabachuufi sagaleedhaan waraabudhaan ragaan akka funaanamuu ta'eera.kunis odeeffannoon waraabame ragaaf akka taa'uu ta'eera.

3.6.2. Akkaataa Hirmaattonni Rgaa Itti Keennan

Manguddotarraa ragaa funaanuu osoo hin egaliin dura dhimma ragaan sun barbaadameef yookaan kaayyoo qorannichaarratti, akkaataa yaada isaani itti ibsanfi ragaakeennu keessatti haala qabatama aanaa isaani akka bu'ureefatani yaada keennannifi hirmaatootaaf ibsi gahaan karaa qoratattu akka keenamuu ta'e jira.keessummoonni yeroo marii garee xiyyeefannoo yaada wal harkaa fudhuun inni tokko yaada nama biro deegaruufi fooyyeessuun yaada ciimsachuu akka danda'an dursee ibsi barbaachisuu akka hirmaatootaaf keennamuu ta'era.kun kan tokko dogogoree inni biraa sirreessaa deemuufi yaada qulqulluu ta'e argachuuf yaadamee hojiirra olee jira.

3.6.3. Haala Qaacceessa Ragaalee

Ragaaleen manguddootaafi hojjeetootarraa yaadannoo qabachuun waraabbii vidiyoofi sagaleen funaanaman xiinxalamanii,ibsii irratti keennamee akka hiikaman ta'era.kunis qorannoo kana keessatti akka argannoo qorannichaatti qaacceefamee akka dhiyaatu ta'era.

3.7. Haala Amanamuummaa Qorannichaa

Qorannoon kun amanamummaa guutuu akka qabaatuuf qorattuun dursa Waajiira Aadaa fi Turizimii Aanaa Sabbataa Hawaas wajjiin wal qunnamuun yaadoota adda addaa gaafachuufi Manguddolii beekamoofi namoota aadaa hawaasa naannichairratti hubannoo gahaa qaban gaggaafachuun mata duree kana irratti muxannoo fi beekumsa gahaa qaban

akka adda bahaan taasifameera.Ragaan manguddoota kanarraa funaanamees biifa sagalee,suuraafi viidiyoon akka waraabamuu ta'era.Kunis qabatamaan ragicha waan mul'isuuf amanamummaa qorannichaa kan mirkaneessuu ta'a.

3.8. Qindoomina Qorannichaa

Waraqaan qorannoo kun boqonnaalee shaniitti kan qodamee dha. Boqonnaa tokko hanga boqonnaa shanii jalatti wantoota qindaa'an akka armaan gadiitti ibsamu.

Boqonnaa tokko jalatti seen duubee qorannichaa, Seen duubee aanichaa,ka'umsa qorannichaa,kaayyoo qorannichaa,haanqiina qorannichaafi furmaata qorannichaa kan hammatame dha.

Boqonnaa lama jalatti sakatta'a barruu,sakatta'a barruu jalatti,maalummaa maqaa,maalummaa moggaasa maqaa,moggaasa maqaafi aadaa,moggaasa maqaafi af seenaa, faayidaa moggaasa maqaafi af seenaa,bu'ura moggaasa maqaa iddoowwan aanaa sabbataa hawaas wantoota bu'ura godhate moggaasu adda addaa, moggaasa maqaafi af seena iddoowwan kabajaa mata duree guddaa jalatti kan kaa'amani dha.

Boqonnaa sadii Mala qorannoo jalatti mata dureewwan guguddoo saxaxa qoranno,tooftaa iddatteessu, irraawatama qorannichaa,madda raga,meeshaalee funaansa raga fi adeemsa funaansa ragaa dhiyaataniiru.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Qorannoon kun," Xiinxala Moggaasa Maqaa fi Af Seenawwan Teessuma Lafa Aanaa Sabbataa Hawaas." Jedhu xiinxaluu irratti xiyyeffata. Kaayyoo mata dureen kun qabatee ka'eeratti hundaa'un boqonnaa kana jalatti,ragaawwan qorannichaa mala qorannoo garaagaraa fayyadamuun funaanameetu qaacceeffamee jira. Kanaafuu, odeeffannoo ijoo kutaa kanaa jalatti qindaa'anii dhiyaatan:- Haala moggaasaafi afseenawwan teessuma lafa aanaa sabbataa ilaalchise, Bu'ura moggaasa maqaa idoowwanii fi af seena isaanii ilaalchise, Moggaasa maqaa namaa(sanyii) bu'ura godhachuun moggaafaman,Moggaasa maqaa haala qilleensaafi teessuma lafaa bu'ura godhachuun moggaafaman,Moggaasa iddowwan wantoota naannoo sanatti baay'inaan biqilan ykn argaman bu'ureeffachuun moggaafaman,Moggaasa maqaa taateewwan, teessuma lafaafi af seena ilaalchisee moggaafaman, Qooda fudhattoota moggaasa maqaa iddoowwanii, Moggaasa maqaa iddoowwan duriifi ammaa ilaalchise, Dhibbaa siyaasni sirna Minilikii kaasee moggaasa maqaa iddoowwan irratti geessisan kan jedhufi iddowwan sirnaa yookiin kabaja ayyaanaa jechuun addaan baasuun, Adeemsifi xiyyeeffannoon qorannichaa boqonnaawwan duraa keessatti qindaa'aafi karoorfamaa turan boqonnaa kana keessatti ragaalee odeef keennitootarraa argame bu'ura godhachuun xiinxalamani ibsamani jiru.

4.1. Haala Moggaasaafi Af Seenaawwan Teessuma Lafa Aanaa Sabbataa Hawaas Ilaalchise.

Akka manguddoonnifi beektoonni yeroo marii garee xiyyeeffannoofi dhunfaa himanti.Haala teessuma lafa aanaa sabbataa ilaalchisee,Olka'insii aanichaa meetiraan 1.800 hanga 3,385 yoo ta'u gidduu galaan meetira 2592 dha. Roobnii aanichaa waggaattii miilii meetira, 866 hanga miilii meetira 1200 yoo ta'u gidduu galeessaan miilii meetira 1,033 dha. Haallii qilleensasaa badda daree yoo ta'u, Iddoowwan Turizimiif olan kan akka Bishaan ho'aa Akaalee, Riiqiicha Awaash Malkaa, Gaara Moglee, Muuda Furii,Hidha Abbaa Saamu'eel fa'aa aanicha keessatti ni argamu.Aanaan sabbataa Tulluwwan akka Tulluu Furii, Wococaa, Moglee, Abbayyiin kan marfamtee argamtuu yoo ta'u, Laggeen akka Awaash, Axaballaas ni argamu.Walumaa galatti aanichii haala teessuma lafaafi qilleensa namaaf, bineensootaafi biqilootaaf baay'ee mijataa ta'e akka

qabuu himama. Kanarraa ka'un akkas jedhamee himamaaf, " Namnii Sabbataa Osoo hin nyaatiin gabbataa" jedhama.

Uummanni Oromoo saboota kuush keessaa isa tokkofi qabiyyee lafa bal'aarra dagaagee jiraatuu dha.Haaluma bal'ina lafasaafi guddina uummata isaatiin gosaykn damee heddu qaba. MaccaafiTuulama,Siikkoofi Mandoo,Iluufi Hubaana, Yejjuufi Liiban, Raayyaafi k.k.f.dha.Kanneen keessaa Tuulamni isa tokko ta'e lafa bal'aafi uummata hedduu kan qabuu dha.Tuulamni gosa Oromoo godinaalee shawaa arfan keessatti kan argamuu ta'e daangaan isaa Bahaan, Oromoo Karrayyuu, Dhiyaan, Oromoo Maccaa, Kibba Bahaan, UummataAffaarriifi Kibbaan, Oromoo Arsii fi Uummata Guraageen kan daangeeffamuu dha. Tuulamni handhura Itiyoophiyaa bakka dur kuushetikootni jiraachaa turan lafa bal'aa irra kan dagaagee jiraachaa turefi ammas jiraachaa jiru dha.Uummanni Oromoo naannoo sabbataa jiraatus baay'een isaa hiddii dhaloota isaani "Tuulama" akka ta'e himama.

Ilmii namaa jireenya hawaasummaa isaa keessatti namootaaf, iddoowwan irra jiraatu fi wantoota biro naannoo isaa jiran hundaaf maqaa moggaasun ittin waamun isaa ni beekama.Haaluma kanaan aadaa bal'aa fi dagaagaa uummannii oromoo qabaachaa ture keessaa tokko moggaasa maqaa dha. Moggaasni maqaa kunis uummata Oromoo birattii akkaataa itti raawwatuu fi sababa raawwatuuf akka qabuu odeef keennitoonnii ni himu.

Akka manguddoonnifi beektoonni kun yeroo marii garee xiyyeeffannoo fi dhunfaa,Moggaasni maqaa "Sabbataa" maali? Jedhuf yeroo deebsan, Sabbannii Aanaalee Godina Aaddaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetti argaman keessaa tokko yommuu taatu, Magaalaa guddoo biyyooleessaa Finfinneerraa gara Kibba Lixaa karaa Jimmaa qabatee deemurratti argamti. Sabbanni moggaasa maqaa kana kan argatte teessuma lafa isheerraa akka ta'e, Obboo Tarrafaa Obboosee akkas jechuun himu. Teessuumnii Lafa Aanaa Sabbataa kun Tuulluwwan, Gaarreennifi Laggeen gurguddoon marfamtee argamtuu yoo ta'u, Tuulluuwwan kanneen akka Tuulluu Furii, Tuulluu Wococaa, Gaara Mogleefi Gaara Abbayyin kan marfamte dha jedhu.Tuulluun Furii tulluwwan waaqaa saddeettan jedhaman keessaa isa tokkofi isa guddaa akka ta'e himu.

Tuulluuwwan Saddeetan Waaqaa kanneen jedhaman keessaa Tuulluun Furiifi Tuulluun Wococaa tokko dha. Tuulluuwwan kunnin lamaan aanaadhuma sabbataa hawaas kana keessatti kan argaman yoo ta'u lameenuu bakka seena qabeessaafi bakka kabajaa akka ta'an himu.

Tuulluu Furii- Tuulluun kun tuulluwwan saddeettan waaqaa keessaa isa tokkofi haangafaati jedhu. Bakkii kun bakka waggaa waggaan yeroo birraa Ayyaannii Irreechaa itti kabajamuu yoo ta'u bakka seena qabeessaafi uummannii Oromoo itti wal gahee waaqa isaa irraa waan barbaaduu, feedhuu, hawwuu itti himatefi kadhatee irraa argatuu jedhu.Naannoodhuma furii kanatti, Ayyaannii Muudaa Hulluuqoo jedhamuus akka kabajamuu himu.Muudaan Hulluuqoo kun dhagaa lamatuu jiraa jedhu, Dhagaa kana lamaan jidduu hulluuquun kan keessa bahamuu yoo ta'u,Namnii Cubbuu hojjatee waan hojjate sanaaf badii isaa osoo hinmatiin bakka sana deemee dhagaa sana lamaan jidduu hulluuquu hin danda'u jedhu.Ragaa keennitoonni.

Uummannii Oromoo naannoo kanaa tulluufi laggensaa kanatti bahuun akka aadaafi duudhaa Oromtichaatti bakka kanatti wal gahun akka waaqeeffatuu himu.Bakkeewwan kun durirraa kaasee akka biratti waaqeeffatamuufi yeroo ammaas akka Ayyaannii Irreechaa itti kabajamaa jiru himu.

Tuulluu Wococaa-Tuulluun kun tuulluuwwan saddeettan waaqaa jedhaman keessaa isa tokko yoo ta'u,Moggaasa maqaa Wococaa jedhuu kana kan argatee jecha " Waca" jedhu irraa akka ta'e,Manguddoo naannoo sanaa kan ta'an Obboo Magarsaa Miidhagsaa yeroo marii garee Xiyyeeffannoo ni himu.Jechii 'wococaa' jedhu kun lafa wacaa ykn yaa'ii jechuu dha. Bakka kanatti bara durii loola hamaatu ilmaan warra tokko obboolaa lamaan, Galaanifi Meettaa jidduutti adeemsiifame ture. Gosti kun lamaan kan warra tokko ti. Ilmaan maccaafi Tuulamaati. Galaan kan Macaa yoo ta'u Meettaan immoo kan Tuulamaa ti. Obboolaa lamaan kanatuu bal'ifannaa lafaaf jecha wal dhabanii loollii hamaan akka umame himu. Loollii kun baay'ee hamaafi dhumaatiin hedduun kan irratti adeemsiifame yoo ta'u iyyaafi waca,dhumaatii guddaatuu bakka kanatti akka adeemsiifametu himama.

Loola kanarrattii dhumaatiin hedduu erga godhamee booda Meettaan,Galaan mo'achuun ari'anii lafa bal'aa naannoo sabbataa hawaas kana akka ilmaan tuulamaa kun dhunfatan himama.

Kanumarraa ka'un Weellisaan Oromoo beekamaa kan turan, Naggasaa Abdii akkas jechuun weellisanii turan.

Wococaa Garbuun Aaddaatee
Ergii fudhuu maarrabii kee
Yoo namnii fudhuu jiraate, jedhe. Naggasaa Abdii jedhama.

4.2. Bu'ura Moggaasa Maqaa Iddowwanii fi Af Seena Isaanii Ilaalchisee

Aadaa bal'aa fi dagaagaa Uummannii Oromoo qabaachaa turee keessaa tokko moggaasa maqaa dha.Moggaasnii maqaa kunis Uummata kana biratti akkaataa itti raawwatuufi sababa raawwatuuf akka qabuu manguddootaafi beektonnii aanichaa ni himu.Hawaasanii tokko iddowwan irra jiraatuuf yoo maqaa moggaasu wantoota bu'ura godhatee moggaasu adda addaa qaba.Isaanis maqaa (sanyi) namaa,wantoota naannoo sanatti baayinaan argaman,haala qilleensaafi teessumalafaa,taatee ykn qunnama adda addaa fa'aati.Haaluma kanaan qorattun funaansa raga keessatti manguddootaafibeektoota Aanaa Sabbataa Hawaas gandoolee adda addaa keessa jiraatan wallin bifa af gaaffii,marii garee xiyyeefannoo taasiisuun odeeffannoon akka funaanamu ta'era.

4.2.1.Moggaasa Maqaa Iddoowwanii Maqaa(sanyii) Namaa Bu'ura Godhachuun Moggaafaman.

Akka manguddoonni fi beektoonni yeroo marii garee xiyyeefannoofi dhunfaan, " Bu'urii moggaasa maqaa iddowwanii maali ? " jedhuf yeroo deebisan bu'urii moggaasa maqaa iddoowwan Aanaa Sabbataa Hawaas hundii isaa seenaa mataasaa qaba jechuun egalan.Kuniis Uummannii Oromoo yeroo maqaa moggaasu lafumaa ka'e jecha afaanitti dhufeen moggaasa osoo hin taane wanta bu'ura godhate moggaasuu adda addaa qaba.Moggaasnii maqaa kun akkaataa aadaafi afaan sabichaa ibsuu danda'utti maqaa gosaa,gotaa,saba laficha qabaten,muka baayinaan bakka sanatti argamu, lagaafi ta'ii haala qabatama yeroo sana keessa raawwatuu irratti hundaa'un moggaafama.Fakkeenyaaf sirnoota darban keessa maqaaleen lafa maqaa namaota beekamoo,human waraanaa

duulanii injiifannoon galan laftii safaramefi maqaan lafa sanaa maqaa namicha lafa fudhateen moggaafamee akka waamamu dubbatu.

Yaada manguddoota kanaa kan deegaru, Powell (1990:24) yoo ibsu "*Many people names are derived from personal names …"* jechuun kaa'een wal simata.Haaluma kanaan Lafa Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti bu'ura moggaasa maqaa namaa ykn sanyii namaa ta'un moggaafaman armaan gadditti ibsaman.

Gejjaa :Argamnii bakka kanaa gandoota aanichaa kan ta'an keessaa wiirtuu sabbataa jala yoo ta'u, Bakkii kun bakka araaraati jedhu.Bara durii ilmaan Bachoo,Galaanifi Meettaan bakka kanatti wal waraanaa akka turanii fi yeroo booda gostiifi uummannii bahe akka aadaafi dudhaa Oromtichaatti loolli kun akka dhaabbatuu ta'e, Kanaaf araarrii iddoo kanatti akka taassifamefi nageenyii bu'ee himama.Kanarraa ka'un iddoon kun moggaasa maqaa kana kan argate jedhu. Kanaan booda,Bara Mooti Minilik Namichi gostii isaa Galaan ta'eduula waraanaa deeme injifannoon waan galeef laftii bal'aan safarame akka keennamuuf ajajame.Laftii fuurii gaara bolloo irraa haanga akaaleetti tilmaamaan 40km ta'u keennameef kanarraa ka'un maqaa laftichi duraan qabuu haqamee maqaa 'Gejjaa' jedhamuun moggaafame. Laftii kun bara dheeraaf maqaa namticha kanaan waamamaa turuus,yeroo dhiyoo as maqaan namtichaa osoo biraa hin hambisiin,maqaa ijoollee isaa lakkuu dhalataniin maqaa 'lakkuulee Gejjaa' jedhamuun moggaafame akka waamamaa jiru odeef keennaan,Obboo Baayisaa Liphisaa dubbatan.

- **Jamoo**: Jamoon maqaa namaati. Bakkii kun maqaa " Jamoo" jedhu kana kan argate,Bara durii Dubartii Ayyaantuu " Giiftii Haadha Hindhee" jedhamtuutu naannoo kana jiraata ture jedhu. Kanarraa ka'un maqaan kun bakka kanaaf akka moggaafame himu. Odeef keennaan Obboo Tarrafaa Obboosee. Bakkii kunmalkaa irreechaas ni qaba jedhu.Uummanni naannoo sanaa akka malkaa kanatti irreeffatan himu.
- **Bargaa Gooroo**: Bakkii kun kan argamuu gandoota aanichaa kan ta'an keessaa wiirtuu Diimaa jalatti kan argamuu yoo ta'u moggaasa kana kan argate maqaa nama Bargaa jedhamu tokkotu lafa olka'aa yookin gooroo ta'era jiraata turee kanumarraa ka'un iddoon kun' Bargaa Gooroo' akka jedhame odimtoonnii naannoo sana ta'an ni himu.

- **Gejjaa Bonayyaa**:Argamnii bakka kanaa akkuma armaan olitti ibsame ta'e maqaan kun kan moggaafame maqaa abbaafi ilmaarraa akka ta'e himu. Gejjaan maqaa abbaa fi Bonayyaan maqaa ilmaa Gejjaati jedhu.
- **Gejjaa Jawwee**: Bakkii kunis akkuma ganda 'Gejjaa Bonayyaa' maqaa abbaa bonayyaa ykn nama beekamaa laftii naannoo sanaa maqaasaatiin moggaafame waamamaa ture yoo ta'u, Jawween immoo naannoo laftichi itti argamu miciree fi bishaan haroo waan qabuuf, Jawween baay'inaan wal horee naannoo sanatti argama kanarraa ka'un gandii sun 'Gejjaa Jawwee' jedhame waamamaa turee jechuun manguddoonni odeeffannoo kennan.
- **Walattee**:Bakkii kun kan argamu gandoota aanichaa keessaa wiirtuu sabbataa jalatti yoo ta'u,Bakkii walattee jedhu kun dur ganda " Gadaa Faajjii" jedhamuun beekama ture.Bakka kanatti Uummannii Oromoo naannoo sanaa kan gadaan bulufi gadaa gaggeefatuu akka ture himu.kanarraa ka'un bakkii kun "Gadaa Faajjii"akka jedhame waamamaa ture himu.Faajjiin maqaa nama beekamaa naannoo sanaa yoo ta'u,Dubartii walattee jedhamtu kana obboo Faajjiin naannoo kibbaarraa hojeettu mana isaanif akka fiidatanfi yeroo booda walatteen kun naannoo sanattii farsoo naqxee gurguruun kan jiraattufi ilma "Gantaa" jedhamu naannoo kanatti deessee jirti.Ilmi ishii kun guddifachaan fudhatame kan obboo Faajjii ta'un akka isaaniin waamamufi yeroo booda maqaan gadaa naannoo kanaa maqaa mucaa kanaan moggaafamun yeroo ammaa "Gadaa Gantaa Faajjii" jedhamuun akka waamamaa jiru, Obboo Abbabaa Abeebeerraa odeeffannoon argame ni ibsa.
- **Meettaa**: Bakkii kun kan argamu gandoota aanichaa kan ta'an keessaa wiirtuu Diimaa jalattii yoo ta'u,Maqaa "Meettaa" jedhu kana kan argate gosa Tulamaa keessaa isa tokko yoo ta'u,Naannoo kana keessa baay'inaan kan jiraatu Uummata Oromoo gosa kanaa akka ta'an odeeffannoon argame ni addeessa.

4.2.2.Moggaasa Maqaa Haala Qilleensaafi Teessuma Lafaa Bu'ura Godhachuun Moggaafaman.

Akka ibsa Odimtootaatti yeroo marii garee xiyyeefannoofi af gaaffii keenanniitti,bu'urii moggaasa maqaa lafa aanaa sabbataa hawaas kan ta'an keessaa haala qilleensa naannoo sanaa akka ta'e dubbatu.

Yaada mangudoolii kanaan kan wal fakkaatuu, Evgene (1997:2) yoo ibsu *"Each place names has an image that portrays the physical and environmental characterstics of the place,"*jechuun kan kaa,u waliin yaada wal fakkaatu dha.

Haaluma kanaan moggaasnii maqaa iddoowwanii aanichaa keessa jiran keessatti moggaafaman:

- **Dabal Yohannis**: Moggaasnii maqaa Dabal, Moggaasnii maqaa kun gosa dur naannoo kana baay'inaan jiraachaa turanirraa akka moggaafame himu. Dabal jechuun Tuulama keessaa gosa Daacciiti.Argamnii ganda kanaa gandoota aanichaa keessaa wiirtuu Tafkii jalatti yoo ta'u, bakkii kunyeroo dhiyoo keessa dabal yohannis akka jedhame himu.Iddoo kana, Tulluu lamatuu wal bira jira. Isaanis Dabal Yohannisfi Dabal Qajjimaa jedhamun waamamu, Tulluu lameen kanaaf hawaasnii moggaasa maqaa akka isaa ta'utti moggaafate,kanumarraa ka'un tulluu isa tokkoffaa kanarra Bataskaana Yohannistuu jira kanaaf waamamsii bakka kanaa Dabal Yohannis akka jedhame dhalataa bakka sanaa kan ta'an ni himu. Obboo Rattaa Waldayyas.
- **Dabal Qajjimaa**:Argamnii bakka kanaa akkuma armaan olittii ibsamuf yaalametti ta'e bakkii kun immoo burqaa yookiin madda bishaanii kan qabuu yoo ta'u qajjimaan baay'inaan naannoo sanatti waan argamuuf akka moggaasa maqaa kana argatu ta'ejechun ni himu.
- **Haaroo Jilaa**:Bakkii kun argamni isaa wiirtuu Diimaa jala yoo ta'u maqaa kana kan moggaafatee naannoon kun teessumnii lafasaa jiidhaa,bosonaafi haaroo kan qabu yoo ta'u hawaasnii naannoo sanaafi kan naannoo biraarraa yeroo birraa yookiin masqalaa horii isaanii bakka kana fiduun akka bishaan hooraa obaafatan akkasumas bakkasanattii warrii jiila qaban naannoo addadaarraa dhufun bakka sanattii akka jiila kabajatan ni himu.
- **Kontoma**:Bakkii kun kan argamu gandoota aanichaa kan ta'an keessaa wiirtuu Diimaa jalattii kan argamu yoo ta'u, moggaasa maqaa kana kan argatee namoonni naannoo sana keessa jiraatan baay'ee waan ta'aniif lakkoofsii uummataa naannoo sanaa kumaa olii, kan jedhu agarsiisuuf akka maqaan kun moggaafameef

dhalattoonnii naannoo sanaa ni himu.Akka isaan jedhanitti Uummannii keenya kumaan tama jechu dha jedhu. Obboo Kabbadaa Olaanii.

4.2.3.Maqaalee Iddowwan wantoota Naannoo Sanatti Baay'inaan Biqilanii fi Argaman Bu'ureefachuun Moggaafaman.

Akka ibsa manguddootaafi beektoota Aanaa Sabbataa Hawaasaatti bu'urrii moggaasa maqaa iddowwanii baay'inaan kan moggaafaman wantoota naannoo sanatti baay'inaan argaman ykn biqilan bu'ura godhachuun akka ta'e dubbatu.

- **Diimaa**: Bakkii kun moggaasa maqaa kana kan argate laftii naannoo sanaa haarkii caalaan isaa biyyee diimaan waan uuffifamee argamuf akka ta'e ni himu.
- **Diimaa Maanyoo**: Bakkii kun kan argamuu naannoo wiirtuu Diimaa jalatti yoo ta'u, Moggaasa maqaa kana kan argatee naannoo sana baay'inaan xaafiitu omishama, Gosa xaafii keessaa xaafii adii (maanyaan) baay'naan waan naannoo sanatti omishamuuf diimaa maanyoo akka jedhame odeeffannoon argame ni ibsa.
- **Balacii Jimjimaa**: Argamnii bakka kanaa wirtuu Awaash jalatti yoo ta'u, moggaasa maqaa kana kan argate, bara durii Volkaanoon ykn dhoyinsii lafaa naannoo kana jira ture, kanarraa ka'un sagaleen dhoyinsa lafaa jim jim jechuun dhaggeessisurraa maqaan kun akka moggaafamef himu. Yaannii biroo immoo dhagaan balacii baay'inaan naannoo sanattii argama kanarraa moggaafame kan jedhus ni jira. Jedhu odeeffannoo keennaan koo Obboo Abdii shumii.

Waatoo: Bakkii kun kan argamu gandoota aanichaa keessaa wiirtuu sabbataa jalatti yoo ta'u,Moggaasa maqaa "Waatoo" jedhu kana kan argate biqiltuu waatoo jedhamu naannoo sana jiraachusaarraa akka ta'e oddeeffannoon argame ni ibsa. Biqiltuun kun muka guddaafi umrii dheeraa qabu dha jedhu.

- **Goraa Harkisoo**: Argamnii iddoo kanaa gandoota aanichaa keessaa wirtuu Diimaa jala yoo ta'u, moggaasa maqaa kana kan argatee akka odeefkeennitoonnii himanitti yaada lamatuu jiruu lameenuu dhugaadha jedhu. Yaannii inni tokkoffaan, bara durii muktii goraan baay'inaan waan naannoo sanatti biqiluufi kan jedhan yoo ta'u yaannii inni lammaffaan immoo uummannii naannoo sana jiraataa turan uummata kabajaafi jaalala namaa guddaa qaban waan ta'anif

namoota naannoo isaanii keessummummaan dhaqaniif goraa ykn seenaa jedhanii yoo namnii dideellee harkiisuun akka nama gorsiisanii nama affeeraa turan odeeffannoon argame ni ibsa. Obboo Rattaa waldayyas.

- **Axaballaa**: Bakkii kun kan argamu gandoota aanichaa keessaa naannawa 'lakkulee Gejjaa' keessatti yoo ta'u, Moggaasa maqaa kanas kan argate, Bara Mootii Minilik keessa akka ta'efi jecha Afaan Amaaraa " Astee taballaa"jedhurraa akka moggaafame himu.Bakkii kun lafa caffee bal'oofi jidhaa akka ture himu.kanarraa ka'un 'Mootiin Astee' jedhaman karaasana osoo deemaa jiranii fardii isaanii caffee kana keessattii liqifame bahu dadhabe sababa kanaan ''Astee taballaa" jedhame.kanumaan bakkii kun "Axaballaa" jedhamun akka moggaafame oddeeffannoon argame ni addeessa. Yaada kana kan keennan dhalataa naannoo sanaa kan ta'an, Obboo Baayyisaa Liphisaa ti.
- **Axaballaa Guddisaa**:Bakkii kun kan argamu gandoota aanichaa keessaa naannawa ''lakkulee Gejjaa'' keessatti yoo ta'u, moggaasa maqaa kanas kan argate laga guddaa 'Axaballaa' jedhamurraa akka ta'e odeeffannoon ni ibsa.
- **Gajaa Qajjiimaa**: Bakkii kun kan argamu naannawa "Gejjaa Jawwee" keessaa wiirtuu jawweetti. Moggaasa maqaa kana kan argate iddoo sana muknii qajjimaa baay'inaan waan argamuuf akka ta'e ragaaleen ni addeessu.
- **Gajjaa Migiraa**:Argamnii bakka kanaa gandoota aanichaa kan ta'an keessaa wiirtuu Sabbataa yoo ta'u, Moggaasnii maqaa kun kan argame citaan (margii) migiraa naannoo sanatti baayinaa waan biqilee argamuuf akka ta'e odeefannoon argame ni ibsa.
- **Doobbii**: Bakkii kun kan argamuu gandoota aanichaa keessaa naannoo wiirtuu Tafkii jalatti yoo ta'u, Moggaasa maqaa kana kan argate naannoo sanatti biqiltun doobbii waan baay'inaan argamuf akka ta'e odeefannoon ni hima.

4.2.4. Moggaasa Maqaa Taateewwan,Teessuma Lafaa fi Af Seena Ilaalchise.

Bu'urrii moggaasa maqaa teessuma lafaa yookin iddoowwan Aanaa Sabbataa Hawaas inni biroo immoo taateewwan yookaan mudannoo gara garaafi gochaalee adda addaa yeroo ta'e raawwate yaadachuuf akka moggaafamu,manguddootaafi beektoota aadaarraa yeroo af gaaffifi marii gareen godhametti odeefannoon argamee ni ibsa.

Yaada kana ilaalchisee,Elias (2004:47) yoo ibsu," *Some names commemorate natural,political,social or cultural events…,"*

Stewart (1967:65) yoo ibsu, *" Names are not consciously planned like the origin and charactorstics of language. It depends on some conditions during or be fore it has given to afellow or athings,"* jedha. Yaadota armaan olii kunneen irraa akkuma hubatamutti moggaasni maqaa kun taatee ykn gochaalee haala yeroo moggaasa maqaa sanaa yookaan sana duraa bu'ureeffachuun akka keennamu nama agarsiisa.

Haala kanaan maqaaleen iddoowwan Aanaa Sabbataa Hawaas keessattii taatee yookiimudannoo yeroo sanaarratti hundaa'un moggaafaman.Sabbata, Tafkii,Moglee,Walattee, wacacaa,Alamganaa fa'i.

Maqaaleen kun moggaasa maqaa kana kan argatan, Bara Mootii Minilik keessa MootiiNaannoo Jimmaa kan turan Abbaa Jifaar irraa akka ta'e ni himama. Mootii Jimmaa kan turan Abbaan Jifaar imala karaa Finfinnee fi Jimma jidduu yeroo deddeebi'aa turan magaaloota hedduuf maqaa moggaasaa akka turan jaarsooliin ni ibsu.Haaluma kanaan maqaaleen kanneen akka moggaafaman jaarsoolin biyyaa ni himu.

- **Sabbata**: Sabbannii moggaasa maqaa kana kan argatte Mootii Jimmaa kan turan Abbaa Jifaar irraa akka ta'e ni himama. Abbaan Jifaar Jimmaa ka'anii yeroo Finfinnee deeman naannoo sabbataa kana keessa bahanii deemuu ture,kanumarraa ka'un moggaasa maqaa kana akka argatte himama.Sababiin moggaasa maqaa kanaas naannoon sabbataa kun lafa qonnaa bal'aa kan turefi mannii jireenyaa baay'een kan irra hin jirree dirree bal'oo akka turte himu.Mootiin kun yeroo sana konkolaataan waan hin jirreef miilaafi fardeeniin karaa bubbulaa Jimmaa haanga Finfinnee deemaa osoo jiranii naannoo Sabbataa kana yeroo gahan namoota isaan waliin deemaniin yookiin imalaa jiraniin dirreen

kun bareedduu dha.Kanaaf isiniis‘’sabbata keessan furadhaa’’ fardeeniis gadhiisaa dirree kanarra haaboqonnuu jedhanii guyyaa sana bulanii ganama immoo ka’aa itti dhiyaannee jirra “sabbata keessan jabeefadhaa’’ jedhan jedhama. Jecha ykn dubbii isaanii kanarraa ka’udhaan naannoon sabbataa moggaasa maqaa ‘sabbata’ jedhu kana akka argate yeroo marii garee xiyyeeffannoo manguddoonni odeeffannoo keennanni himu. Gaafa guyyaa 28/8/2011 ti.

- **Kallacha Guddaa**: Bakkii kun kan argamu Aanaadhuma Sabbataa Hawaas jalattii wiirtuu Tafkii jalattii yoo ta’u, moggaasa maqaa kana kan argate bara durii bakka yeroo ammaa namoonnii odaa guddaa jalattii abbootii gadaatiin wal bulchaa jiran kanattii ‘kallachii guddaan’ samiirraa bu’ee kallachii sun ammayyuu jira ummannii sanaan wal bulcha jedhu odeeffannoo keennitoonni.
- **Kallacha Qal’aa**: bakkii kun argamnisaa akkuma armaan olitti ibsame ta’e, bakkii kun moggaasa maqaa kana kan argate bakka kanattii ‘kallacha qal’aatu’ bu’ee argame kanarraa ka’un moggaasa maqaa kana argate jechuun himu.
- **Tafkii**: Bakkii kun kan argamu Aanaadhuma Sabbataa Hawaas jalatti yoo ta’u, Moggaasa maqaa kana kan argate akkuma sabbataa,Mootii JImmaa kan turan Abbaa Jifaar irraa akka ta’e himama.Abbaan Jifaar osoo finfinnee deemaa jiranii naannoo kanatti aduun itti dhinaan bulan,yeroo kana halkan sana nyaattunykn tafkiin waan isaan nyaachaa bultaaf ‘’bakka tafkiin nu nyaatte’’ jedhanii jedhama. Kanarraa ka’udhaan naannoo sun akka ’’ tafkii ‘’ jedhamee moggaafameni himama.
- **Moglee:**Bakkii kun kan argamu Aanaadhuma Sabbataa Hawaas keessa wiirtuu Diimaa jala yoo ta’u,Moggaasamaqaa kana kan argate iddoon kun lafa ol ka’aa yookiin tuulluufi burqaas ni qaba.Bakka kanattii yeroo masqalaa warra ayyaantuutu itti irreeffata jedhu. Iddoon kun lafa safuufi hodaati.Haata’u malee moggaasa maqaa kana kan argate dur dubartoonni osoo karaa deemaa jiranii randa kanaykn lafa ol ka’aa kana yeroo ol bahan waan dadhabaniif dubartiin tokko maali randii, “Mogolee nama bustu kun” jette sanumaan moggaasa maqaa ” mogolee” jedhamuu kana akka moggaafate odeefannoon ni ibsa.

  Tullu Moglee: Tulluun kun tulluuwwan aanaa sabbataa marsanii argaman keessaa isa tokko yoo ta’u, Bakka ulfoo kanattii ‘Ayyaannii Irreechaa’ waggaa

waggaan ni kabajama. Tulluun Irreechaa bakkeewwan ulfoo waaqa uumaa itti kadhatanii dha.Bakkeewwan ulfoo kanneenitti ammo sakkoowwan barbaachisoofi waaqnis ta'e namni jaalatu kabajuun daran murteessaa dha. Imala gara aayyaana kanaatti yommuu taasisnu, Kabaja Jaartii Cafaree yookaan Cifree, Abbootii Gadaa, Abbootii Muudaa, Jeekartoota waaqeeffannaa, Shamarran, Dabballeefi Foolleef dursa keennuun waaqqeeffattoota iddoo sanatti argaman irraa kan eegamuu dha. Bakka kana yeroo deeman hatuun, butuun, sobuun, goolii uumufi kan kana fakkaatan iddoo sirnaa kanatti kan balaaleefatamu dha.

Kaayyoon Irreecha Tulluu yeroo baay'ee, Caamsaan yoo hammaate, roobnii yeroo idilee saarraa yommuu darbu, wantii hamaan, dhukkubni, beelli, waraanni yoo biyyatti dhufe,roobnii hammaateefi yeroosaa dabarsee uumama waaqaa balaaf akka hin saaxilleef bakkaafi yeroo waaqa itti kadhatanii dha. Karaa bira balaan addaa yommuu uumamu balaa kana akka hambisuufi jala baasuu Tulluu naannosaa jirutti bahun Uummanni Oromoo iddoo waaqa uumaa itti kadhatanii dha.Jedhu Abbaa Gadaan Badhaadhaa Naggasaa.

Sirnii Irreechaa Tulluwwan Uummata Oromotiin alattis biyyoota adda addaa keessattis ni kabajama. Kanneen keessaa fakkeenyaaf, Biyya Isra'elitti gaara Gologotaa, biyya Japanitti gaara Fujii, akkasumas biyyoota jidduu gala Arabaatti gaara Arafaat irratti kabajama. Maddii (kottak, 2002).

Uummanni Oromoo naannawa Sabbataa jiraatus, akkuma Uummata Oromoo naannoo biraa Tulluu Ulfoo Moglee kanatti bahun akka armaan gaditti, Ayyaana Irreecha Tulluu kabajata. Maddii fakkii A/T/ A/ S/ H irraatii.



- **Alam ganaa**: Argamnii iddoo kanaa Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti wiirtuu sabbataa jala yoo ta'u, Moggaasa maqaa kana kan argate Mootiidhuma Jimmaa Kan turan Abbaadhuma Jifaarrraa akka ta'e himama.Iddoon isaa magaalaa sabbataa jala yoo ta'u,Bakkii kun akkuma sabbataa lafa qonnaa kan tureefi mannii jireenyaa baay'een kan irra hin jirre waan tureef mootiin kun " Alam ganaa" jechuun akka moggaasan jaarsooliin ni himu.Hiikniisaas magaallii kun finfinneetti dhiyoo waan taateef abdiin gara fuulduraa guddachuu ishee guddaa waan tureef, maqaa kana akka moggaasaniif himama. Magaallii kun bara mootii kanaan moggaasa maqaa kana argatterraa jalqabee akka Aanaa Sabbataattis yeroo tajaajjiltus "Aanaa Alamganaa" kanaan osoo waamamtuu baroota dheeraaf haanga bara 1998tti maqaadhuma kanaan akka aanaatti akka waamamaa turte odeeffannoon ni addeessa.

Haata'u garuu yaada hawaasaafi beektoota naannichaa garaagaraa irraa ka'aa tureen,maqaan kun aadaafi afaan akkasumas haala waliigala aanichaa ibsuu waan hin dandeenyeef akka maqaan kun geeddaramuuf uummaticharraa yaadnii garaagaraa ka'aa tureera.yaaduma kana bu'ura godhachudhaan yaannii ka'e kun dhugaa ta'un isaa amanamee maqaan kun mana maree Aanaa Alamganaa yaa'ii 14^{ffaa}bara 1998 dhiyaate mariin irrattii taasifame maqichii akka geedaramu qabuu fi mana mare yaa'ii 15^{ffaa} irrattii hawaasnii fi jaarsoliin biyyaa ganada gandarraa maqaan moggaasa aanaaf ta'u gaafatame akka dhufuu taasifameen maqaan ta'uu danda'u jedhame sadii,Aanaa sabbataa,Aanaa sabbataa hawaasii fi Aanaa sabbataa moglee kanneen filannoof dhiyaatan yoo ta'u, kanneen sadan keessaa Aanaa Sabbataa Hawaas kan jedhuu sagalee caalmaan akka fiilatame himu.Sababiin isaas lagnii Awaash aanaa kana kan daangeessu fi misoomsaa jiruu fi lagnii Awaash Uummata Oromoo naannoo kanaattif seenaa guddaa kan qabuufi Oromoon malkaa Awaashitti waaqa kadhachaa kan tureefi malkaa Awaash ball'oo fi Awaash malkaa qunxurreeti waan irreeffachaa tureefi ammas itti irreefachaa jiruf maqaan kun yoo moggafame uummata aanichaa biratti fudhatama kan qabu ta'u isaatiin filannoo sagalee keennameen Aanaan kun "Aanaa Sabbataa Hawaas haajedhamu" kan jedhun mormii sagalee tokko malee wal gahii yaa'ii idilee 15^{ffaa} M/M/ Aanaa Alam ganaa galma bulchinsa magaalaa sabbataatti gaafa guyyaa 05/ 07 / 1998tti taa'ameen aanaan

kun, Aanaa Sabbataa Hawaas akka ta'u murtaa'ee mirkanaa'ee jira. Maddii odeeffannoo kanaa (Waajira Aadaafi Turizimi) dha.

- **Walatte** : Bakkii kun kan argamu Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti yoo ta'u, Moggaasa maqaa kana kan argate Mootiidhuma Jimmaa kan turan Abbaa Jifaariin akka ta'e ni himama.Maqaa kana kan moggaasan karaa kanarra osoo imalaa jiranii namoonni farsoo mana dubartii walattee jedhamtutii dhuganii osoo walloolanii yookiin waldhabanii waca guddaatuu ture. Iddoon kun maal jedhama jedhanii gaafatan, Ganda walatteti jedhaniin kamishiin jedhanii yoo dhuftuu, "Jabanaa fakkaatti miti, dhugaattu walatte" jedhan jedhama.Yeroo kana maalii? Wacnii kun jedhanii yoo gaafatan wal hatanii jennaan, "walatte" jedhanii kanarraa ka'udhaan iddoon kun maqaa walattee jedhamuun akka moggaafame himama jedhu jiraataa naannoo sanaa kan ta'an odeef keennaan,Obboo Shimals Hundarraa.
- **Odaa Guddaa:** Argamnii bakka kanaa Aanaadhuma Sabbataa Hawaas keessaa wiirtuu Awaash jalattii yoo ta'u, Moggaasa Maqaa kana kan argate odaan kun baay'ee guddaa fi dame hedduun kan walittii hidhamee fi umrii dheeraa kan qabu yoo ta'u, Uummannii Oromoo naannoo sanaa durirraa kaasee hanga har'ati bakka sanatti ayyaanneeffachuufi murtii seera isaa akka Odaakana jalatti adeemsiisuu manguddoonni naannoo kanaa ni himu. Fakkiin kun Aadaafi Turizimii irraati.

Iddoon kun bakka seena qabeessa jedhu odeef keennitoonni dur muktii kun hundee tokko turee jedhu yeroo booda garuu haala kanaan ofumaaf bakka lamatti adda babbahaa akka dhufe himu.

4.3.Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaa Iddoowwanii

Moggaasa maqaa lafa aanaa sabbataa moggaasuu keessatti baay'inaan kan qooda qabuu uummata isaa akka ta'e yeroo marii garee fi af gaaffii yaada ka'eerraa hubachuun danda'amera haata'u malee garuu sababoota garagaraan taatee yookiin mudannoo adda addaarraa kan ka'e namoonnii kaaniis akka qooda qaban ni himama.

4.4.Moggaasa Maqaa Iddowwan Durii fi Ammaa Ilaalchise

Uummata Oromoo biratti moggaasni maqaa iddoowwani seenaa mataasaa qaba.Maqaan bahuu kunis aadaa,duudhaafi safuu hawaasichaa bifa calaqisiisu danda'un raawwata.Haaluma kanaan hawaasnii durii yeroo iddoowwan kanaaf maqaa moggaasuu sababa mataasaa waan qabuuf dhaloonni ammaas moggaasa kana beekuu fi kunuunsuun barbaachisaa dha.

Oromoon iddoowwaniif yeroo maqaa moggaasuu sababa mataasaa qaba,teessuuma lafaarraa,haala qilleensaarraa,mudannoo iddoosanaarraa fi wantoota naannoo sanatti argaman yookin biqilan bu'ura godhachuun akka ta'e ni beekama.Kanaafuu,aadaa Oromoo keessatti haalli moggaasa maqaa iddoowwanii akkamittin akka raawwaachaa turee fi yeroo ammaas maal akka fakkaatu adda baasuun murteessaa dha.Akkaataa kanaan haalli moggaasaa fi af seennaawwan lafa aanaa sabbataa durii fi ammaa maal akka fakkaatan xinxaluu gaafata. Sababiin isaas maqaaleen iddowwan adda addaa sirnoota darban keessa maqaa ganamaa isaanii dhabanii maqaa haaraa moggaafachun akka waamamaa turan ni beekama.Keessaayyu naannoo Oromiyaa keessatti bal'inaan akka mul'achaa turee ifa dha. Yeroo ammaan kanas bal'inaan ni mul'ata.Maqaa ganamaa uumanni iddoo tokko akkaataa afaaniifi aadaa isaa ibsuu danda'utti moggaafate irraa muluqanii,akkaataa isaaniif ta'utti maqaa haaraa kan afaan,aadaa fi hojii isaanii calaqqisiisu moggaafachaa jiru.Fakkeenyaaf Ayiikaa,Kireeshar, Noovaa fi kanneen kana fakkaatan hedduun gandoota naannawa finfiinnee jala jiran keessatti bal'inaan mul'atu.Kanumarraa ka'un gandoota naannawa finfiinnee jala jiran keessaa tokko sabbata waan taateef gandoonnii naannawa finfiinnee jala jiran hundii isaanii yeroo ammaa moggaasaa fi bifa duraan qaban sana dhabaafi jijjiiramaa jiraachuun isaanii ni beekama.Haalli kun immoo seenaa durii sana waan dhabamsiisaa deemuu fi yeroo ammaan kana moggaasnii maqaalee seenaa qabeeyyii durii sun jijjiramaa waan jiraniif gara fuulduraatti maaltuu ta'aa deema kan jedhuu baay'ee waan nama yaaddeessu dha.Kanaaf dhaloonni amma jiru kun kana hubachun seenaa moggaasa maqaa kana akka beekuu qabuu ibsu.Kana ta'u baannaan akkaataan moggaasa maqaa iddoowwani yeroo ammaa aanaa sabbataa keessa jiruu yoo ilaallu aadaa fi duudhaa akkasumas seenaa hawaasni Oromoo qabu akka gadhisaa jiru nuttii agarsiisa.Keessumaa naannoo warshaaleen adda addaa dhaabbatanii jiran haalli moggaasa maqaa durii akkuma jirutti jijjiiramuun maqaan bakkeewwan sanaa maqaa warshichaa moggaafachaa akka jiruu odeeffannoo keennitoonni ni ibsu.

Haaluma kanaan naannoo magaalootaattis haallii moggaasa maqaa raawwachaa jiru aadaa moggaasa maqaa hawaasichaa kan bu'ureefate ta'e hin argamu. Kanaafuu,aadaa boonsaa fi kabajamaa hawaasichii uummate kaa'ee ture kana kununsuun tursiisuu fi

lubbuu horatee akka labata itti aanu bira ga'u fi cimee akka hundee godhatu dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadu akka ta'e himama.

4.4.1. Iddoowwan Durifi Ammaa Sabbataa Ilaalchise.

Iddoowwan durifi ammaa naannoo sabbataa ilaalchisee, Sababa warshaaleefi qubannaa namootaatin Iddoowwan tokko tokko maqaa durii jijjirachaa jiru. Maqaa yeroo duraa uummata Oromoo naannoo sanaan moggaafame gadhisuun kan aadaafi afaan uummatichaa waliin hin deemne moggaafatani bal'inaan yeroo ammaa ittin waamamaa jiran ni mul'ata.Jedhu odeef keennaan Obboo Kabbadaa Olaanii.Kanneen keessaa muraasa isaanii haa ilaallu.

Lak.	Maqaa Durii	Maqaa Ammaa
1	Diimaa Guraandaa	Ayiikaa
2	Rooggee Gaammee	Kireesharii
3	Daalattii	Noovaa
4	Diimaa	One
5	Roggee /Ejeersa/	Araat-Baaraat
6	Roggee/Ganda Araggaa Daammasaa	Mirriit

4.5. Dhiibbaa Siyaasni Sirna Minilikii Kaasee Moggaasa Maqaa IddoowwaniiIrratti Geessisan.

Qorattun Manguddoota,beektootaafi hojjeettoota irraa af gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoon dhiyaateeratti hundaa'un odeeffannoo yeroo sassaabbattu,akka yaada manguddoota kanaatti dhibbaan guddaa gama moggaasa maqaa namaafi iddoowwanii akka jiru himu.Uummannii Oromoo naannoo sabbataa jiraatu akka aadaa,duudhaa fi safuu isaatti gama moggaasa maqaan qabu dagatuufi moggaasa maqaa kan biraa akka dhaalu ta'aa akka turee fi yeroo ammaan kanas akkuma durii akka dagatuufi kan biraa akka dhaalaa jiru dubbatu.Keessaayyuu naannoo warshaalee fi qubannaan yookin ijaarsii

manneennii taasiifamee jiruu akkuma jirutti maqaasaa ganamaa gadhisee moggaasa maqaa kan biraa kan afaaniifi aadaa hawaasichaa waliin hin deemnen waamamaa akka jiruu himu.Fakkeenyaaf, Araat baaraat, Matoo arbaa, Mirrit, Nook, Noovaa, waan(one), kireesharii, Arbaamincii, Ayiikaa fi kan kana fakkaatan hedduun sirnuma yeroo dhiyoo yookin ammaatin akka moggaasa kana argatan odimtoonnii ni ibsu. Kunis kan nu agarsiisu jedhu, Oromoon aadaafi duudhaa boonsaa karaa moggaasa maqaan qabuu akka dagatuufi kan biraan akka dhaalamu ta'aa akka tureefi ammas bifa jijjiirate akka ta'aa jiru dubbatu. Akka isaan jedhanitti sabni tokko yeroo miidhaan karaa adda addaa irra gahu osuma beekuu ni callisa, kun immoo saba sana karaa hawaasummaa, diinagdee, aadaa, afaaniif duudhaa isaa dagateekan biraaf gabroomu ta'a.Yeroo sabnii tokko gabroomu immoo miidhaan gama kaaniillee akka godhamu agarsiisa.Yaada kana kan deegartu, Omura(1994*)," Some Oromos essentially be come Ethiopians changing their names and their piece of their cultural identity in order to live among the dominant culture with less discrimination,"* jechun keessi.Kana jechuun hawaasichi addatti dhibbaan utuu irra hin gahin jiraachuf aadaa fi maqaa warra gabroomfatee dhaaluun aadaafi moggaasa maqaa isaa durii gatuun aadaa fi maqaa isaanii moggaafataa akka turee agarsiisa.

Akkuma yaada odimtootarraa argame gaaffii sirna Minilikii kaasee moggaasnii maqaa namaa fi iddoowwannii jijjiiramun isaa dhibbaan geessisee jiraa? Gaaffii Jedhuf Obboo Kabbadaa Olaanii fi Addee Sorsee Addunyaa gaafa Eble 13, 2011, Yoo deebisan Oromoon dur akka aadaa fi duudhaa isaatti maqaa daa'iman isaas haata'u maqaa lafa irra jiraatu moggaafata turee,yeroo ammaa garuu kan durii sun caalmaadhaan hafuu fi dagatamaa akkasumas tuffatamaa akka dhufeefi kan biraan akka dhaalamaa turee dabalanii addeessu. Akka fakkeenyaatti Addee Sorseen yoo himan maqaan namaa, Badhaatu,Caaltuu,Gobbinee,Meetti,Jifaaree,Boontuu fi kan dhiraa immoo Badhaasaa ,Tolaa,Caalaa,Baay'isaa,Fayyisaa,kumaa fa'aa turee kun gara Tashoomaa,Birhaanuu, Zawudu W/Gorgiis, Gabramaaryaam, Baqalach, Taayyach, Tawaabach,Kabbabuushfi kan kana fakkaatan akka moggaafachaa turan himu.

Moggaasa maqaa iddoowwanii immoo Alam ganaa ,Hagara hiyoot,Naazirit,Giyoonifi kanneen kana fakkaatan akka moggaafamaa turan dubbatu.yaada manguddoota kana bu'urefachuun,Elias (2004: 62) yoo ibsu," During the colonial era, African…received

western names along side their ethnic name,"jedha.Akka yaada kanaatti moggaasnii maqaa yeroo Africaan kooloneefatamee ture hawaasni Afrikaa maqaa qomoo saaniin cinaatti maqaa warra Awurooppaa moggaafataa akka turan yaadnii barreessaa armaan olii ni ibsa.Haaluma kanaan moggaasnii maqaa iddoowwan saba tokko yoo sabnii sun saba biraan gabroomfame miidhaan karaa adda addaa irra gahuu akka danda'u hubanna.kun immoo sabnii sun aadaa fi safuusaa akka jibbuufi kan warra isa gabromsee akka dhaalu ta'a.Yaada kana kan deegaru, Dorson. (1972:44) yoo ibsu.Afoollii biyyoota haaraa kan xinxalamuu qabu,Seenaafi sabummaa 'racial' bu'ureffate ta'u qaba.yaada kanas kallattumaan yoo ilaallu akkas jedha*," ingredients" The folklore of each New World country need to be analayzed in terms of its ethnic-racial and historical ingredients."* kanaafuu akka yaada kanaatti, Qorannoon afoolaa yeroo adeemsifamuu seenaa naannoo sanaa waliin kan wal qabate ta'u akka qabu nu hubachisa.

Walumaagalatti, Siyaasnii biyya tokko afaan,aadaa fi duudhaa saba tokko guddisuu keessattis ta'e ajjeesuu keessatti ga'ee guddaa taphachuu danda'a.Haaluma kanaan dhibbaan sirnoota darbanii afaaniifi aadaa warra motootaa guddisuun kan warra kaanii akka sarbamuufi hawaasichi eenyummaa isaa wallaalee kan saanii akka hordofu yookaan dhaalu godhame turu agarsiisa.kana kan ibsu, Alamaayyoo fi Kaawwan (2004:XX) *" Uummannii Oromoos jirataa biyya kanaa osoo hin taane biyya kanaaf keessuummaa akka ta'e fi akka lammii lammaffaattii akka ilaalamuu taasifameera.Afaan Oromoos akka hin guddannee fi hin dagaagne taasiifamaa tureera. Kana malees, Oromoon Orommummaasaa akka jibbuu fi tuffatamaa akka ta'e aadaa,seenaafi afaansaatti akka saalfatu godhameera." Jedhu.*Haaluma kanaan Uummannii Oromoo naannoo kanaa dhibbaa sirnoota siyaasaa darbaniin aadaa fi duudhaa moggaasa irratti qabuu jijjiiraa fi dagachaa akka ture agarsiisa.

4.6. Moggaasa Maqaafi Af Seenawwan Iddoowwan Sirnaa/ Kabajaa

Uummanni Oromoo aadaa bal'aafi dagaagaa ta'e hedduu qaba.Kanneen keessaa Aadaan Sirna Gadaa, Irreechaa fi Muudaan isaan gurguddoo dha.Gadaan sirna ittin bulmaata uummata Oromooti.Akkuma beekamuu uummanni Oromoo bulchinsa mataasaa osoo hin gadhisiin dur sirna gadaatiin ofiin of bulchaa turuun isaa beekamaa dha.

Kan aanaa sabbataa hawaasiis kanaan ala miti. Sirnii ofiin of bulchuu uummata Oromoo mara kan ta'e immoo Sirna Gadaa, Irreechaafi Muudaan kan aanaa sabbatas akkuma uummata Oromoo naannoo biraa Odaa jalatti, Tuullutti, Caffee fi Horatti bahun kan kabajamu dha. Bakkeewwan kabajaa kunis:-

Tuulluwwan Saddeettan Waaqaa

L,K	Maqaa Tulluwwanii	Bakka Itti Argamu
1	Tulluu Cuqqaalaa	Aqaaqii
2	Tulluu Eerar	Eerarii
3	Tulluu Furii	Aanaa Sabbataa Hawaas
4	TUlluu Galaan (Muuxxee Galaan)	Aqaaqii
5	TulluuWaatoo Daalachaa	Shawaa Lixaa
6	Tulluu Fooyataa	Fooyataa
7	Tulluu Wacacaa	Aanaa Sabbataa Hawaas
8	Tulluu Eegduu	Eegduu

UmmanniAanaaSabbataaHawaas Kun tulluwwan saddeettan kanaa alas Tulluuwwan akka Moglee, Abbayyii, Jomoo, Waatoo Dullachaafi k.k.f jalatti akka waaqqeeffatu himama.

Iddoowwan Caffee / Gumiiwwan/ Gadaa Tuulamaa

Tuulamnii gosoota Oromoo gurguddoo keessaa isa tokko yoo ta'u, Lafa bal'aafi Uummata hedduu kan qabuu dha. Uummanni kun aadaawwan hedduu qabu keessaa inni tokko Sirna Gadaati. Gadaan akkuma beekamuu sirna ittin bulmaata Uummata Oromooti.Oromoon dur sirna gadaan ofiin of bulchaa ture.Uummata Oromoo Gadaan bulu keessatti haacucuufi haacuccamuun hin jiru Jedhu. Aabbaa Gadaan Badhaadhaa Naggasaa

Akkuma beekamu Uummanni Oromoo bulchinsa mataasaa osoo hin gadhisiin dura sirna Gadaatiin ofiin of bulchaa turuun isaa beekamaa dha. Haaluma kanaan kan Aanaa Sabbataa Hawaasis kanaan ala miti. Sirnii ofiin of bulchuu Uummata Oromoo mara kan

ta’e sirnii gadaa kan aanaa sabbataa bakka guddaa kan qabu ta’e kan keessatti jaarsumaadhaan waa fiixatuun isaa olaanaa dha.

Jaarsooliin shaneefi saglee jedhamu.Haallii filannoo shaneefi saglee ulaagaa mataasaa qaba jedhu. Ulaagaan inni guddaan uummata keessatti kan yakka hin hojjanne, Kan hin sobne, Kan amanamummaa uummatasaa biratti qabu fi k.k.f dha.Hojjiin isaanis akka yakkii hin hojjatamne ittisuu dha. Yakkii yoo hojjatame immoo dhimmicha akka furmaata argatuu godhu, Akkasumas kan dhokate baasisu.

Bu’aan jaarsummaa kanaa maali?Gaaffii jedhee ka’ef yoo deebisan, Bu’aa guddaa uummataaf qaba jedhu.Bu’aan jaarsummaa gabaabumatti.

-Qisaasama yeroo hambisa

- Baasii xiqqeessa

-Qabeenya manca’u hambisa

-Loogii hin qabu

-Ragaa hin barbaachisu

- Ol iyyata hin qabu

- Lubbuu darbuu hambisa

- Jaalalaafi nagaa buusa jedhu. Manguddoonni. Marii garee xiyyeeffannoo gafa 28/8/2011 Adeemsifamerratti.

Caffee/ Gumiiwwan Gadaa Tuulamaa Shanan (5)

Lak.	Maqaa	Caffee
1	Caffee	Tumaa
2	Caffee	Bal'oo
3	Caffee	Roobii
4	Caffee	Goraa
5	Caffee	Donsaa

Iddoowwan kun bakka tasgabbii qabuufi seerrii itti tumamuufi lallabamuu akka ta'e himu.

Iddoowwan Irreechaa

Iddoowwan Irreechaa Aanaa Sabbataa Hawaas Keessatti argaman keessaa gurguddaan jahan kana jedhu.

Lak.	Maqaa Irreechaa	Bakka itti argamu
1	Irreecha Malkaa Awaash	Awaash
2	Irreecha Malkaa Fixxee	Kamisii Dikaa
3	Irreecha Malkaa Duufaa	Walee Eekkaa
4	Ireecha Malka Axaballaa	Axaballaa Guddisaa
5	Irreecha Malkaa Awaaraa	Illaamuu
6	Irreecha Malkaa Awaash Bal'oo	Awaash Bal'oo

Malkaawwan naannoo sabbataatti argaman keessaa Malkaan Awaash isa tokko yoo ta'u ,Malkaan Awaash kun uummata naannoo sabbataaf lubbu jireenya isaanii akka ta'e ni himu. Sababiin isaas awaash sabbata karaalee adda addaan waan keessa yaa'uf uummanni immoo jiruufi jireenya isaa malkaa kanaan wal qabsiisun omishaafi omishitummaa isaa waan gaggeeffatuf uummata kanaaf Awaash bakka guddaa qaba. Kanarraa ka'un weelluwwan adda addaa Awaashif weellifamaniru kanneen keessaa,

Malkaa Awaash kana ilaalchsee weelluun

" Awaashirraan Leemmanii

Na hidhadhuu haadha koo

Teepha qal'aa dheeraanii" Jedhee weellisaa Naggasaa Abdii. Oromoon Aanaa Sabbataa Hawaas keessa jiraatuu akkuma Oromticha naannoo biraa malkaa isaatti ni irreeffata

Irreechi calaqqee sirna Gadaa Oromoo ti.Sirni Uummanni Oromoo Waaqa isa uume, Aaddunyaa kana uume, Waaqa waa hunda uume, Tulluuttifi Malkaatti bahe waaqa kadhatuufi galateefatuu dha.Uummanni Oromoo yeroo birraa malkaatti bahe, waan jiidhaa harkatti qabatee, bakka jidhaa dhaabbate,Waaqa isaa kadhata. Irreeffannaan yeroo birraa malkaatti irreeffatamu kun bacaqii gannaa bahanii booqaa birraa waan arganiif kan uumaa ofii itti galateeffatani dha. Irreeffannaan birraa kun yeroo baay'ee ji'a Fulbaanaa Walkeesaraa eegalee akka kabajamu himu. Guyyaa ayyaanni irreechaa itti adeemsifamu kana, Waaqa kadhachuun, waaqa galateefachuun, Sirbootaafi faaruwwan adda addaa kan aadaa ibsantu dhiyaata. Guyyaa kana leellistoonni sirnichaa uffata aadaatin of faayani, daraaraa keelloofi marga jiidhaa fiixeen isaa hin cinne harkatti qabatanii malkaatti irreeffatuu.

Haa ta'utii Ayyaannii Irreechaa kun akka Oromiyaatti gidduu galeessa Tuulamaa magaalaa Bishooftutti naannoo Odaa Nabee Hora Arsadeetti, yoo kabajamu akkasumas akka Aanaa Sabbataa Hawaastti Awaash Malkaa Qunxurreetti haala gaariifi ho'aan kabajama. Ayyaanni Irreechaa iddoo kanatti kabajamu kun yoom akka jalqabame odeeffannoo qabatamaa jiraachuu baatullee yeroo dur irraa jalqabamee naannoo kanatti akka irreeffatamaa ture manguddoonni ni himu.

Sirna Eebba Irreeffannaa

Eebbii kan gaggeeffamu manguddoota iddoo Malkaa kanatti argamaniin yoo ta'u, Innis haala haangafaafi quxusuuttiin, " Nu ofkalchaa" jedhani akka armaan gaditti eebbifatu.

Eegaa kaa nuu ofkalchaa

Yaa Waaqa Uumaa Uumamaa

Gurraacha garaa garbaa

Tokkicha maqaa dhibbaa

Waaqa Bokkuu gurraachaa

Waaqa ciicoo gurraatti

Waaqa Odaa Nabee

Waaqa shaman Gadaa Oromoo

Waaqa jahan hora galaan

Kan nagaan nuu olchite

Nagaan nuu bulchii

Hamaa nurraa qabii

Irraa gora nu oolchi

Dogogoora nu oolchi

Kunoo Waaqa kadhanna ------Hayyee-----

Waaqnii kadhaa keenya nu haa dhagahuu

Hamaa nurraa haa qabuu

Tolaa nutti haa qabuu

Xinnaa nu haa guddisuu

Guddaa walin nu haa bulchu

Wallaalaan haa beeku

Ijoolleen kan abbaa dhalche haa taatu

Qabeenyii kan abbaa horee haa ta’u

Niitiin kan abbaa f Waan hamaa nurraa haa qabu. Haleel – Diina Haleelee - Jedhama jechuun, Abbaa GadaanBadhaadhaa.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOLABAA FI YABOO

5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun Xiinxala Moggaasaafi Af Seenawwan Teessuma Lafa Aanaa Sabbataa Hawaas irratti kan gaggeefame yoo ta'u, qorannoo kana daangeessuufi qabatamaa taassisuun waan barbaachisuuf qorattun haala qabatama, Godina Shawaa Kiibba Lixaa Aanaa Sabbataa Hawaasratti xiyyeeffachuun qoratte dhiyeessiteetuu jirti.Qorannichis mata duree,"Xiinxala Moggaasaa fi Af Seenawwan Teessuuma Lafa Aanaa Sabbataa Hawaas," jedhu kan bu'ureeffateyoo ta'u moggaasnii maqaa iddoowwanii kun wantoota bu'ureeffate adda baasuufi moggaasnii maqaa duriifi ammaa maal akka fakkaatu,moggaasa kana keessatti eenyuu fa'aa akka qooda qabanifi dhibbaa sirnoonni darban moggaasa maqaa irrattii geessisan maal akka ture,odeeffannoo manguddootaafi beektootarraa argame xiinxaluun hiiknii akka itti keennamu ta'era.Haaluma kanaan ragaan funaaname akkaataan itti hiikkamanii fi qaacceeffaman boqonnaa afraffaa keessatti ibsame jira.

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uuf qorattuun mala qorannoo" Akkamtaa" kan fayyadamte yoo ta'u iddattoo filachuurratti akaakuu iddatteessu miti-carraa keessaa iddatteessuu "Akkaayyuu" fayyadamuun manguddootaafi beektoota aanichaa keessaa moggaasa maqaa iddoowwan wiirtuwwan adda addaa keessa jiran irratti hubannoo gahaa qabu jette filatte, af gaaffii fi marii gareen taasiifame suuraafi vidiiyoon waraabame ragaan argame hiikame, ibsii itti keennamefi xiinxalame dhiyaatera.

Adeemsa qorannoo kanaattiin Aadaa Oromoon Aanichaa qabuu keessaa tokko moggaasa maqaa lafa irra jiraatu yoo ta'u, wantoonni inni bu'ura godhate moggaasu, maqaa namaa(sanyi), haala qilleensaa, teessuma lafaa, wantoota naannoo sanatti baay'inaan argamanii, taateewwanii yookiin mudannoo bakka sanaa akkasumas dhibbaa sirnoota darbaniin moggaasnii maqaa kun waan irra gahe agarsiisa. Haaluma kanaan moggaasa lafa aanichaa fi af seena isaa maal akka fakkaatu xiinxalame dhiyaateera. Walumaa galatti Uummata Aanaa Sabbataa Hawaas keessatti moggaasnni maqaa namaa fi iddoowwan irra jiraatuu kan moggaafatee ittin waamu qofa osoo hintaane

ibstuu,mallattoofi eenyummaa sabichaa ta’un hubatame egamuufi jajjabaachu akka qabu fi osoo hin jijjiiramiin kunuunfamee labataa labatatti akka darbuu qabu mul’isa.

5.2 Goolaba

Qorannoo kana keessatti odeeffannoo manguddootaafi beektootarraa funaaname xiinxalamuun hiiknii itti keenameera.Xiinxalaafi hiiknii raga argame kun kaayyoo qorannichaaratti hundaa’un yaada goolabaarra gahameera.kunis qorannoo kana keessatti akka argannoo qorannichaatti akka taa’uu ta’era.Haaluma kana bu’ureefachuun xiinxalliifi hiiknii ragaalee qorannoo kanaa qabxiiwwan armaan gadii qorannoo kanaan ifa ta’eera.

- Haala moggaasaafi af seenawwan teessuma iddoowwan irra jiraatuu kan aadaafi afaan isaa waliin deemu kan mataasaa akka qabaachaa tureefi itti fayyadamaa turee adda baheera.
- Akka Hawaasa Oromoo Aanichaatti bu’urrii moggaasa maqaafi af seenawwan teessuma lafa aanichaa maal irrattii akka hundaa’aaturee aadaa,duudhaa, afaanfi seenaa isaa kan ibsuu akka qabaachaa turee adda bahera.
- Moggaasa maqaa iddoowwan kana keessatti kanneen qooda fudhatan hawaasa naannoo fi namoota yeroo sana keessatti beekamoo akka ta’an hubachuun danda’ameera.
- Akka Hawaasa Oromoo Aanichaatti bu’urrii moggaasa maqaa iddoowwanii maqaa namaa,haala qilleensaa,taatee bakkasanaa,wantoota naannoo sanattii baay’inaan argamaniifi beekaman walitti qindeessun akka moggaafamaa turee hubachuun danda’ameera.
- Moggaasnii maqaa aanichaa kan duriifi kan ammaa garaagarummaa qabaachuu isaarratti moggaasnii maqaa durii aadaa,dudhaafi safuu hawaasichaa biifa calaqissisuu danda’un kan moggaafamu ta’usaafi kan yeroo ammaa immoo aadaa,duudhaafi afaan uummatichaa kan hin ibsine ta’u isaa hubachuun danda’ameera.
- Dhibbaan sirina minilikii kaasee hawaasa aanichaa gama moggaasa maqaan jiruu uumannii Oromoo aadaa moggaasa maqaa lafa irrajiraatu qabuu sana jibbuutufachuun kan ambaa akka dhaaluu dirqamusaa hubachuun danda’ameera.Iddoowwan sirnaa yookaan kabaja ayyaanaa akka uummanni itti hin fayyadamnefi aadaafi duudhaasaa ganamaa akka jibbuufi balaaleeffatu ta’aa turuusaa hubachuun danda’ameera.

5.3 Yaboo

- Qorannoo kana keessatti Xiinxala Moggaasa Maqaa fi Af-Seena Lafa Aanaa Sabbataa Hawaas irratti taasifamee dhumaratti cunfamee dhiyaateera. Bu'aa xiinxala kanaatiin moggaasnii iddoowwan aanichaa akkaataa itti raawwatamaa ture,bu'urrii moggaasiichaa maal maal akka ta'an,moggaasa kana keessatti kanneen qooda qaban,moggaasa maqaa duriifi ammaa,dhibbaa sirna minilikii kaasee moggaasa maqaa aanichaa irra gahe golaba keessatti ibsamera.
- Kaayyoo qorannoo keessaa tokko hanqina yookaan rakkoo tokko arguu fi rakkinichaaf waan akka argannootti bira gahame ifatti baasuu dha. Haaluma kanaan qabxiiwwan akka argannootti qorannichaan bira gahaman armaan gadiitti tarreefamaniiru.
    - Hawaasnii Oromoo aanicha keessa jiraatu moggaasa maqaa iddoowwan aanichaa maqaa isaa dur qabu akka qabate dhalootaa dhalootatti darbufi kan haaraa moggaafate immoo aadaafi afaan uummatichaakan ibsuu ta'u akka qabu hubatee itti hojjechuu,moggaasnii maqaa kun iddoon sun kan ittin waamamuu bira darbee mul'istuu eenyummaa,aadaa,duudhaa,afaan saba isaa ta'u akka hubate cimsee qabuufi kununssuu,qaamnii hubannaa qabu hundii carraa argateen jechuun barreessuun,yeroo wal qunnamtii adda addaatiif walitti dhufuu hunda carraa argateetti gargaaramuun hawaasicha qabsiisuu fi barsiisuu keessatti utuu gahee isaa bahe gaarii ta'a.
    - Bu'urrii moggaasa maqaa iddoowwanii kun waajiiraalee Aadaafi Turizimii,Bulchinsa Aanaa,Waajjiraaleen biiroofi dhimmamtoota waliin ta'un bifa barreeffamaan walitti qabame akka dhaloota haaraa qaqqabu utuu ta'e dansaa dha.
    - Maqaan jijjiiramu eenyummaa, aadaa,duudhaafi afaan hawaasichaa jijjiiru waan ta'ef,sababa qaroomiinaa,teeknoolojiifi inveesstimantitiin wal qabatee maqaan iddoowwannii akka hin jijjiiramne hawaasnii akka eggatu hubannaan utuu laatame.
    - Sirnoota darbaniin dhibbaa raawwatamen maqaaleen iddoowwanii jijjiiraman adda bahanii osoo irratti hojjatame.

- Dhiibbaan sirna Minilikii kaasee moggaasa maqaarratti gahe qaamnii hawaasaa hin hubanne hubatee aadaafi duudhaasaa dagatame sana jajjabeesse dhaloota haaraaf akka dabarsu utuu ta’e gaarii dha.
- Iddoowwan sirna ayyaanaa uummata umamni badhaasee kana osoo waajiraaleen Aadaafi Turizimii,Bulchinsii Aanaafi Waajiraaleen biroo wallin ta’un osoo barreeffamee dhloota haaraa bira akka gahuu irratti hojjatame dansaa dha.

WABIILEE

Abdulsamad.(1994). Seer luga Afaan O romoo.Finfinnee: Bole printing.

Addunyaa Barkeessaa.(2010). Natoo: Yaad rime Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee:Mega Printing plc.

Boswell,G.W.andJ.R.Reaver.(1962).FundamentalsofFolk-Literature.Oosterhout:Anthropological Publication.

Brown K.(ed). (2006). Encyclopedia of Language and Lingustic. (2nded) U.K:Elsevier Ltd.

Crystal D.(1989). The Cambridge Encyclopedia of Language.Cambridge:Cambrige Universty pres.

Dastaa Dassaalany.(2013). Bu'uura Qorannoo.Finfinnee: Far East Trading PLC.

Dasaalany Labataa.(2oo6)." Xiinxala Moggaasa Maqaa Dhunfaa Daa'immanii Aanaa Waayyuu uqaa,"YuniversiitiiWallagaaQorannooDigiirii2ffaaguutachuf(hin maxanfamne)

Dorson R.(1972). Folk Lore and Folk Life. United states of America: University of Chicagopress.

Dunkling L.(1977).First Names First .Landon: M.Dent and sons Ltd.

EliasBahiru.(2004).AmaharicOnomastics.AclassEthiopia.Legency Concept . Voll.I.London. Mellen Press.

Hanks & Hodges.(1995). A Dictionary of First Name:New York. Oxford University Press.

Jane B. (2003). Evaluating nan randomized intervention studies.Health technology:VoI.7: No 27. Retrieved from (http:// WWW.hta.ac.Uk Cambridge University press.

Kotheri, C.R.(2004). Research Methedology. Methods and Techniques,2nd(edt) India :New AgeInternational Ltd.

Kottak, C.P.(2002). Cultural anthropology (9th ed.). New York: MC Grow Hill Companies, Inc.

Marsanii Bobbaasaa. (2008). Duudhaa. Barruulee Ayyaana Irreechaa. Finifinnee: D.GPrintingPress.

Powell.M.(1990). Biblography of place naming Literature United States and Canada:Canada.

Scott,W. and Deirdred.D.J.(2009).Research Methodology for every day Life.Sanfransisco:Jossey Bass Publisher.

Seefuu Tsaggaayee.(2008). " Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa'imanii fi Bakkeewwan Aanaa Waliso"Yuniversity Finfinnee:Qorannoo Diigrii 2ffaa Guutachuuf.(kan hin maxanfamne)

Smith, E.(1969).Theory of Name Lore.New York: Harper and Raw Publisher.

Stewart,G. (1967). Name of the Land. A historica Account place naming in the United StateBoston: Houston Milton Company.

Af-Gaaffii Jaarsa buleeyyii gandaa waliin yeroo gaggeeffamu. Obboo Baayyisaa Liphisaa

Jaarsa Baayyisaa



Hojjettoota misooma qonnaa waliin marii garee yeroo gaggeeffamu

Hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Sabbataa Hawaas waliin marii yeroo gaggeeffamu

Abbootii Gadaa Aanaa Sabbataa Hawaas Waliin Mariin yeroo gaggeeffamu

Manguddoo Naannoo waliin mariin yeroo gaggeeffamu. Obboo Kabbadaa Olaanii Waardiyaa Humna Ifaa.

Jaarsolii Biyyaa waliin mariin yeroo gaggeeffamu.Waajiira Adaafi Turizimii Aanaa Sabbattaa Hawaas keessatti.

Dabalee A : Gaaffilee Af gaaffii Manguddoota Aanaa Sabbataattiif Dhiyaatan.

Gaaffiilee Af gaaffii Manguddoollii yookiin Jaarsoli Aanaa Sabbataa Hawaasiif Dhiyaatu.

Yunivarsiitii Finfinnee,Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaanootaa,

Joornalizimii fi Qunnamtii,Muummee Afaan Oromoo.

Hubachisa

Kaayyoon gaaffilee kanaa yuunivarsiitii Finfinne sagantaa barnoota diigrii lammaffaati qorannoo "Xiinxala Moggaasa Maqaa Fi Af Seenawwan Lafa Aanaa Sabbataa Hawaas" jedhuf qofa kan oluu ta'a.

Qajeelfama

Kabajamaa Obboo/ Addee ----------tiif.Gaaffileen dhimma yeroo ammaa moggaasa maqaa lafa aanaa keessanii irratti siniif dhiyaateera.Odeeffannoon isiin dhugaarratti hundaa'un keennitan kun ga'umsa qorannoo kanaaf bu'aa guddaa waan qabuuf osoo of hin qabiin odeeffannoo dhugaafi siirrii kan qabatamaan yeroo ammaa naannoo kanatti mul'atuu akka naaf keennitan kabajaanan siin gaafadha.

1. Haalli Moggaasa Maqaa Iddoowwan naannoo kanaa kan duriifi ammaa maal fakkaata? Garaagarummaan ni qabaa? Yoo qabaate maali?
2. Moggaasa Maqaa Iddoowwan kanarratti eenyuufaaatuu qooda qabaa? Ka'umsii yookiin sababnii moggaasa maqaa kanaa maal siitti fakkaata?
3. Uummanni naannoo kanaa sirna ykn kabaja Ayyaana Irreechaafi Muudaafaa eessatti kabaja?
4. Uummannii Oromoo naannoo kanaa yeroo maqaa moggaasuu maal bu'ureefateetuu moggaasa?
5. Dhibbaan Sirnoota darbanii moggaasa maqaa iddoowwanirratti geessisan jiraa? Yoo jiraate dhibbaan sun maali?
6. Moggaasa maqaa kana ilaalchisee yaannii Uummata naannoo kanaa maal fakkaata?

Dabalee B: Gaaffiilee Af gaaffii Marii Garee Xiyyeeffannoo Manguddootaaf Dhiyaatan.

Gaaffilee Af gaaffi Marii Garee Xiyyeeffannoo Manguddootaaf Dhiyaate Yuunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanootaa, Joornaalizimii fi Qunnamtii,Mummee Afaan Oromoo.

Hubachiisa

Kaayyoon gaaffiillee kanaa yuunivarsiitii Finfinnee Sagantaa barnoota diigrii lammaffaati qorannoo "Xiinxala Moggaasa Maqaa Fi Af Seenawwan lafa Aanaa Sabbataa Hawaas" jedhuf qofa kan oolu ta'a.

Qajeelfama

Kabajamtoota Keessumoota waamicha koo kabajannii naaf argamu keessaniif guddaan siin galateeffadha. Gaaffiileen dhimma moggaasaafi af seenaawwan teessuma lafa aanaa sabbataa hawaas irratti siniif dhiyeessuf odeeffannoon dhugaaratti hundaa'un keennitan ga'umsa qorannoo kanaaf bu'aa guddaa waan qabuuf osoo of hin qusatiin odeeffannoo qabdan akka naaf keennitan kabajaanan siin gaafadha.

1.Haallii moggaasa maqaalee teessuuma lafa aanaa sabbataa hawaas maal maal bu'ureefachuun moggaafame?

2.Moggaasnii maqaa sabbataa jedhamu kun eenyun moggaafame? Maalirraa ka'e moggaafame?Hiiknii maqaa kanaa maali?

3.Moggaasnii maqaalee yeroo ammaa jiranii fi kan durii garaagarummaa ni qabuu? Yoo ni qabuu jettan garaagarummaa isaanii akkamiin ibsitu?

4.Moggaasa maqaa iddoowwanii kana keessatti eenyufa'atuu qooda qabaa?

5.Dhibbaan sirnoonnii darban moggaasa maqaa iddoowwanirratti geessiisan jiraa? Yoo jiraate dhibbaan sun maali?

6.Moggaasa maqaa yeroo ammaa aanaa sabbataa kana keessatti mul'achaa jiruu kanaaf malli maali?

7. Moggaasa maqaa kana ilaalchisee wantii dabalataa yoo jiraate?

Dabalee C: Gaaffilee Haayyota(Beektootaa) fi Hojjeettoota Naannoo Sabbataatiif Dhiyaatan

Gaaffilee Af gaaffii Haayyota (Beektoota)Aanaa Sabbataa Hawaasittif dhiyaatu

YuunivarsiittiFinfinnee,kollejjiiNamomaa,Qo'annooAfaanotaa,

Joornalizimif Qunnamtii, Muumme Afaan Oromoo.

Huubachisa

Kaayyoon gaaffilee kanna Yuunivarsiitii Finfinne sagantaa barnoota diigri lammaffaati qoranoo "Xiinxala Moggaasa fi Afssenaawan tessuma lafa Aanaa Sabbataa hawaas" jedhuuf qofa kan oolu ta'a

Qajeelfama

Gaaffilee Armaan gadi Akkaataa Qabatamaa Aanaa kana keessa tureefi muxanoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha

Kabajamaa obbo/addee----------tiif

Gaaffileen dhimma Moggaasa Maqaa fi Afseenni Teesuuma lafa Aanaa Sabbataa Hawaas irratti siniif dhihaateera . Odeefanoon isiin dhugaratti hunda'un keenitan kun ga'umsaa qorannoo kanaaf bu'a gudda waan qabuuf osoo of hin qabin odeeffanoo dhugaa fi sirri kan qabatamaan naannoo kanatti mul'atu akka naaf keenitaan kabbajanin sin gaafadha

1. Moggasnii Maqaa lafa Aanaa sabbata hawaas kan duurii fi ammaa garaagarumma ni qabaa?
2. Haalli teessuma lafa naannoo kanaa maal bu'ureeffata?
3. Hawaasni Oromoo naannoo sabbataa moggasa maqaa yeroo amma sababa addaddaan moggaafamaa juru kana iratti mormii ni qabaa?

4. Bu'urri moggasa maqaalee iddowwan Aanaa Sabbataa Hawaas kunjiruu fi jireenyah hawasichaa waliin walqabannaa ni qabaa?

5. Moggaasa maqaa naannoo kana keesatti dubartonni qooda niqabu? Yoo qabaatan mee akkamiin ibstu?

6. Dhiibbaan sirnoonni darban moggasa maqaa kana irratti geessisan ni jira?

7. Kabajinni Ayyaana Irreechaa,Muudaafi kanneen kana fakkaatan akka aanaa kanaatti maal fakkaata?

Dabalee D:Gaaffileen Yeroo marii garee Hayoota (Beektotaa) fi Hojjeetootaaf Dhiyaatan

Yuunivarsiitti Finfinnee, kollejjii Namomaa, Qo'annoo Afaanotaa,

Joornaalizimiifi Qunnamtii ,Muumme Afaan Oromo

Huubachisa

Kaayyoon gaaffilee kanna Yuunivarsiitii Finfinne sagantaa barnoota diigri lammaffaati qoranoo "Xiinxala Moggaasaa fi Afssenaawan Tessuma lafa Aanaa Sabatta Hawaas" jedhuuf qofa kan oolu ta'a

Qajeelfama

Gaaffilee Armaan gadi Akkaataa Qabatamaa Aanaa kana keessa tureefi muxanoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha

Kabajamaa obbo/addee ----------tiif

Gaaffileen dhimma Moggaasa Maqaa fi Afseenni Teesuuma lafa Aanaa Sabbataa Hawasa irratti siniif dhihaateera . Odeefanoon isiin dhugaratti hunda'un keenitatan kun ga'umsaa qooranoo kanaaf bu'a guddaa waan qabuuf osoo of hin qabin odeeffanoo dhugaa fi sirri kan qabatamaan naannoo kanatti mul'atu akka naaf keenitan kabajjanin siin gaafadha.

1. Moggasni maqaa Sabbata jedhu kun Eeynuun moggaafame jechu dhageesse?
2. Yeroo kam keessa moggaafame jechuu dhageesee?
3. Moggaasni Maqaa lafa Aanaa Sabbata Hawaas kan duurifi amma addaddumma ni qabaa?
   Yoo qaba jette akkamiin ibsita?
4. Moggaasa maqaa ilaalchisee dhaloota haaraarraa maaltu eegama?
5. Haalli Moggaasa Maqaa lafa Aanaa Sabbataa Hawaas maal maal bu'ureefachuun moggaafamee?
6. Uummanni Oromoo naannoo kanaa Ayyaana Irreechaa, muudaafi sirna gadaa akkamiin kabaja? Eessatti kabaja?

Manguddootaa fi Beektoota Aadaa Aanaa Sabbataa Hawaas Af Gaaffirratti Dhiyaatan

Lak	Maqaa Guutuu	Hoji
1	Obboo Kabbadaa Olaanii	Waardiyaa human ifaa
2	Obboo Naggasaa Margaa	Jaarsa Biyyaa
3	Obboo Tarrafaa Obboosee	Abbaa Gadaa
4	Obboo Badhaadhaa Naggasaa	Abbaa Gadaa
5	Obboo shimals Hundarraa	Misooma Qonnaa
6	Obboo Baayisaa liphisaa	Jaarsa Biyyaa
7	Obboo Shimals dhaabaa	Waardiyaa Ayyikaa
8	Obboo Rattaa W/ Yassii	Hayyuu
9	Addee Soorsee Addunyaa	Barsiftuu
11	Obboo Xilaahu Asaffaa	It/G/W/A/T
12	Obboo Abbabaa Abeebee	W/A/T
13	Obboo Tolasaa Kumsaa	Hojjeetaa
14	Obboo Kabbadaa Olaanii	Jaarsa Biyyaa
15	Obboo Abeebee Jotee	Jaarsa Biyyaa
16	Obboo Tolasaa Kumsaa	Barsiisaa
17	Obboo Kaasaahun Roobii	Hojjeetaa waajjira Qonnaa
18	ObbooAbbabaa Jotee	Hayyuu Afaanii
19	Obboo Nugusee Galaashee	Hayyuu
20	Obboo Tolasaa Kumsaa	Ogeessa Industrii Aadaa
21	Addee Leelloo Baqaanaa	Hojjeettuu

Beektoota / Hayyoota Naannoo Aanaa Sabbataa Hawaas

Lak	Maqaa Guutuu	Hojjii
1	Obboo Tarrafaa Obboosee	Hayyuu
2	Obboo Abbabaa Addisuu	Ogeessa sona Adaa
3	Obboo Tolasaa Kumsaa	Ogeessa Industri Aadaa
4	Addee masarat Bidiraa	Qindeesaa garee A/T/
5	Addee Leelloo Baqqaanaa	Hojjattuu
6	Obboo Kaasaahun Roobii	Waajiira Qonnaa
7	Obboo Abbabaa Jotee	Hayyuu Afaanii
8	Obboo Abdii Gurmuu	Hojjataa
9	Obboo Badhaadhaa Naggasaa	Hayyuu
10	Obboo Abdii Shumii	Hojjataa
11	Addee Asnaaqach Tasammaa	Barsiiftu
12	Obboo Magarsaa Miidhagsaa	Hayyuu
13	Obboo Araarsa Horsaa	Hojjataa
14	Obboo Shumii Baacaa	Hojjataa
15	Baayyisaa Liphisa	Jaarsa Biyy
16	Obboo Shimals Hundarraa	Hojjataa
17	Obboo Nugusee Galaashee	Hayyuu

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gadittim eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootin mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu: _____

Mallattoo_____

Guyyaa_____